

ITOOPHIYAA

**FILLANNOOWWAN  
KALLATTII  
IMAAMMATA  
HAQA CE' UMSAA**

QOODA FUDHATTOOTA IRRAA GALTEE WALITTI  
QABUUF KAN QOPHAA'E

AMAJJII 2015  
ADDIS ABABA



የክፍለ-ጊዜ  
TRANSITIONAL JUSTICE

**Itoophiyaa**  
**Fillannoowwan Kallattii Imaammata Haqa Ce'umsaa**

---

**Qooda Fudhattoota Irraa Galtee Walitti Qabuuf Kan Qophaa'e**

**Amajjii 2015**

**Addis Ababa**

<b>Baafata</b>	<b>Fuula</b>	
<b>Seensa</b>		<b>1</b>
<b>Kutaa Tokko</b>		<b>2</b>
<b>1. Seen-duubee fi Barbaachisummaa Haqa Cehumsaa Itoophiyaa Keessatti</b>		<b>2</b>
<b>1.1. Muuxannoo Idil-addunyaa Adeemsa Haqa Ce'umsaa</b>		<b>2</b>
<b>1.2. Muuxannoo Adeemsa Haqa Ce'umsaa Itoophiyaa</b>		<b>3</b>
<b>1.3. Barbaachisummaa Haqa Ce'umsaa Itoophiyaatti</b>		<b>9</b>
<b>Kutaa Lama</b>		<b>11</b>
<b>2. Tooftaalee Haqa Ce'umsaa fi Kallattii Filannoowwan Imaammataa</b>		<b>11</b>

<b>2.1. Seensa</b>	<b>11</b>
<b>2.2. Himannaa</b>	<b>12</b>
2.2.1. Waliigala	12
2.2.2. Dhimmoota akkamiitu himachiisu?	12
2.2.3. Balleessitoota kamirratti himannaan hundeeffama?	15
<b>2.3. Dhimmoota Dhaabbilee: Adeemsa Qorannoo, Himannaa fi Dhaddacha Yakkaa Eenyutu Gaggeessa?</b>	<b>17</b>
2.3.1. Waliigala	17
2.3.2. Manneen Murtii	17
2.3.3. Qorannoo fi himannaa	19
2.3.4. Hojiiwwan haaromsa seeraa: yakkoota dhala namaa irratti raawwataman seera biyya keenyaa keessatti hammachiisu	21
<b>2.4. Dhugaa Barbaadu fi Ifa Baasu</b>	<b>22</b>
2.4.1. Waliigala	22
2.4.2. Hojiiwwan ijoo adeemsa dhugaa qulqulleessu maal fa'i?	22
2.4.3. Dhimmoota dhaabbilee: adeemsa dhugaa qulqulleessuu eenyutu gaggeessa?	23
<b>2.5. Araara</b>	<b>25</b>
2.5.1. Waliigala	25
2.5.2. Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti gosoota Araaraa raawwatamuu danda'an	26
2.5.3. Dhimmoota dhaabbileen wal qabatan: adeemsa araaraa eenyu haa hoogganu?	26
<b>2.6. Baraarsa</b>	<b>28</b>
2.6.1. Waliigala	28
2.6.2. Haal-dureewwan baraarsaa maal fa'a ta'uu danda'u?	29
2.6.3. Dhimmoota dhaabbilee: adeemsa baraarsa kennuu eenyutu raawwata?	29
2.6.4. Akkaataa baraarsi bu'uura seeran itti kennamu	31
<b>2.7. Beenyaa</b>	<b>32</b>
2.7.1. Waliigala	32
2.7.2. Adeemsa beenyaa keessatti gosoota beenyaa akkamiitu raawwatamuu danda'a?	33
2.7.3. Hojiilee ijoo sirna beenyaa ijaaruuf hojjetamuu qaban	34
2.7.4. Dhimmoota dhaabbileedhan wal qabatan: adeemsa beenyaa eenyutu geggeessa?	35
<b>2.8. Haaromsa Dhaabbilee</b>	<b>37</b>

2.8.1. Waliigala	37
2.8.2. Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti hojiin haaromsa dhaabbilee maal fa'a of keessatti qabachuu danda'a?	38
2.8.3. Dhimmoota dhaabbiilee: hojiilen fooyya'iinsa dhaabbilee eenyuun raawwatamu?	38
<b>2.9. Dhimmoota Murtee Barbaadan</b>	<b>40</b>
2.9.1. Adeemsi haqa ce'umsaa kun yeroo kam irraa haa eegalu?	40
2.9.2. Gahee Nannoleen/Bulchiinsi Magaalotaa haqa ce'umsaa keessatti qaban	44
2.9.3. Gahee sirnoota haqaa aadaa	46
<b>Kutaa Sadi</b>	<b>47</b>
<b>3. Qajeeltoowwan Adeemsi Haqa Ce'umsaa ittiin Qajeelfamuu fi Filannoowwan Jaarmiyaa Qindoominaa</b>	<b>47</b>
<b>3.1. Qajeeltoowwan Adeemsi Haqa Ce'umsaa ittiin Qajeelfamu</b>	<b>47</b>
<b>3.2. Filannoowwan Jaarmiyaa Qindoominaa</b>	<b>48</b>
<b>4. Guduunfaa</b>	<b>50</b>

## Seensa

Biyyoota wal waraansa, wal dhabdee fi cunqursaa keessaa ba'uun gara ijaarsa sirna siyaasa fi dimokraasiitti ce'umsa hiika qabu gochuuf yaalan keessatti adeemsi haqa ce'umsaa hojiirra ooleera. Sirni haqa ce'umsaa diriirun nagaa waaraa, araaraa fi haqummaa milkeessuuf gumaacha olaanaa taasiseera.

Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii<sup>1</sup> tattaaffii Biyyoonni fi hawaasni haala sarbama mirga namoomaa bal'aa irra gahe keessa bahuun gara adeemsa Haqa Ce'umsaa itti gaafatamummaa, haqaa fi araara hammateetti ce'uuf taasisan deeggareera. Sadarkaa Ardiitti, Imaammanni Haqa Ce'umsaa Gamtaa Afrikaa (IHCGA), bara 2011 Finfinneetti ragga'e, tarkaanfiiwwan haqa ce'umsaa (kan Idilee fi al-idilee)- adeemsa marii hunda hammateen fudhataman- sarbamiinsa, qoqqoodinsa fi dhabamiinsa wal-qixxummaa furuuf barbaachisaa akka tahe ibsa; kanarraa kan ka'es haala mijataa dimokiraatawaa, guddina hawaas-dinagdee, fi nageenya ni uuma.<sup>2</sup>

Waraana Addunyaa Lammaffaan booda hojiiwwan Haqa Ce'umsaa qabiyyee adda addaa qaban biyyoota addunyaa adda addaa keessatti hojiirra oolaniiru. Keessattuu Ameerikaa Kibbaa fi biyyoota Afrikaa keessatti Sirni Haqa Ce'umsaa sadarkaa adda addaatti hojiirra oolaa kan ture yoo ta'u, muuxannoon hedduus irraa fudhatamaniiru. Muuxannoo milkaa'aa Haqa Ce'umsaa biyyoonni kunneen qaban irraas hojiiwwan biyyoonni biroo ce'umsa keessa jiran raawwachuu qabanii fi adeemsaalee hordofamuu qaban adda baasuun danda'ameera.

Itoophiyaan qabiyyeewwan haqa ce'umsa keessaa muraasa hojiirra oolchuuf yeroo adda addaatti yaalii taasifteerti. Yaalichis, caaseffamni Haqa ce'umsaa waliigalaa tahe dhabamuurraan kan ka'e bu'a qabeessa kan hin taane, walitti hidhamiinsa kan hin qabnee fi bittinnaa'a ture. Kanarraa ka'uudhan, biyya keenyatti yaalaa'iwaan armaan dura taasifaman irraa bu'aa argamee fi muuxannoo fudhachuun akkasumas yaadaa fi muuxannoo idil-addunyaa haala hammatee fi haala siyaas-diinagdee biyya keenyaa bu'ureeffachuun haqni yeroo ce'umsaa akkaataa maliin geggeeffamuu fi raawwatamuu qaba gaafii jedhu kan deebisu imaammata haqa ce'umsaa qopheessun barbaachisa ta'ee argamee jira.

Kanaafis, barreeffamni ka'umsa ta'u hayyootaa fi ogeeyyii damee kanarratti qorannoo bal'aa hojjetaniin qophaa'eedhiyaateera. Barreeffama qorannoo kana irrattis hundaa'un sanadni bu'uura

---

<sup>1</sup> United Nations Approach to Transitional Justice, Guidance Note of the Secretary- General, 2010.

<sup>2</sup> The AU Transitional Justice Policy 2019.

‘Filannoowwan Imaammata Haqa Ce’umsaa Itoophiyaa’ jedhu kun yaadota mariif ta’uu danda’an dhiyeessuun imaammata itti aanuuf galtee walitti qabuuf qophaa’eera. Sanadni kun kutaalee gurguddoo sadii of keessaa qaba. Kutaan jalqabaa seenaa Haqa Ce’umsaa Itiyoophiyaa fi barbaachisummaa inni haala yeroo ammaaf qabu ilaala. Kutaan lammaffaan ammoo maloota bal’aa haqa ce’umsaa Itiyoophiyaa keessatti hordofuuf gargaaran irratti xiinxala filannoowwan imaammataa dhiheessa. Kutaan dhuma mala Haqa Ce’umsaa Itoophiyaa keessatti hojiirra oolchuuf qophii dhaabbilee adda addaa qoratee yaada dhiheessa.

## **Kutaa Tokko**

### **1. Seen-duubee fi Barbaachisummaa Haqa Cehumsaa Itoophiyaa Keessatti**

#### **1.1. Muuxannoo Idil-addunyaa Adeemsa Haqa Ce’umsaa**

Hawaasni ce’umsa keessa jiru tokko haala keessa ture keessaa yoo bahu, ykn bahuuf adeemsa taasifamu keessatti qormaanni isa mudatu yeroo waraanaa ykn sirna cunqursaa keessatti haleellaa raawwatameef, dhiittaa/sarbiinsa mirga namoomaa bal’inaan raawwatamuuf fi miidhaa gahuuf furmaata hunda galaa kennuu danda’uudha. Kunis, irra caalaa karaa haqni guutuun ittiin kennamu diriirsuu fi hawaasni haala rakkisaa duraan turetti akka hin deebine gochuuf sirna nagaa waaraa, araara, tasgabpii fi olaantummaan seeraa itti mirkanaa’e ijaaruu haala itti danda’amu kan ilaallatu dha.

Haala kana keessa Biyyoota turan keessatti tooftaaleen adda addaa hojiirra oolaniiru. Keessattuu himata fi adabbii irratti xiyyeeffachuun Manneen Murtii Yeroo hundeessun yakkamtoota adabuu irratti adeemsaaleen xiyyeeffatan hojiirra oolaniiru. Muuxannoowwan Manneen Murtii Idil-Addunyaa yeroof ta’an hundeessuun balleessitoota gara Mana Murtii Yakkaa Idil-addunyaatti fiduun, yookan Manneen Murtii Addaa biyya keessatti hundeessun murtii kennuun bal’inaan mul’ataniiru.

Haa ta’u malee, keessumaa haala biyyaalessaa yakkooni bal’aa fi walxaxaa ta’an ce’umsa keessatti mudatanitti, adeemsi haqaa namoota yakka raawwatan adabuu qofa irratti xiyyeeffate hanqina bu’uuraa akka qabu mul’ateera. Gama kanaan qaawwa gurguddoo lama eerun ni danda’ama.

Tokkoffaa: - adeemsaaleen kunneen itti gaafatamummaa namoota yakka raawwatan himata yakkaatiin mirkaneessurratti kan xiyyeeffatan yoo tahu, miidhamtootaa fi hawaasa yaaluuf

xiyyeeffannoo gahaa kennuu dhabuu, biyya fayyisuu dadhabuu fi sababoota bu'uuraa sarbamiinsaa gosaa fi bal'inaan sirnaan galmeessuu dhabuu isaaniti. Haalli kun adeemsi haqaa nagaa fi araara waaraa uumuu keessatti gumaacha sirrii tahe akka hin gumaachine taasiseera.

Lammaffaa: - haala biyyaalessaa sarbamiinsi mirga namoomaa bal'aan, cunqursaan mootummaa fi waldhabdeen waliinii waggoota dheeraaf ture keessatti balleessitoota hunda seeratti dhiyeessuun kan hin danda'amne yoo ta'u, adeemsi haqaa namoota murtaahan qofa adabsiisu immoo miidhamtoota biratti akka gahaa fi guutuu ta'eetti waan hin ilaalamneef adeemsichi adeemsa haqa guutuu kennuu danda'u akka hin taane godheera.

Kanaafuu, qaawwota adeemsa haqaa himannaa yakkaa qofa irratti hundaa'an guutuudhaan, yakkamtoota adabuu bira darbee nagaa itti fufiinsa qabuuf gumaachuu fi faayidaa waliigalaa akka kennuu danda'utti caasan haqa ce'umsaa tooftaalee fi karaalee haaraa qabatee as baheera. Dhiheenya kana, adeemsi haqa ce'umsaa sarbama mirga namoomaa guddaa ta'eef himannaa akka tooftaa haqa ce'umsaa tokkootti itti fayyadamuun haqa/ittigaafatamummaa mirkaneessu bira darbee mala dhugaan itti barbaadamuu fi ifa itti bahu, araari itti bu'u, tarkaanfiin beenyaa fi jijjiirama dhaabbilee itti geggeeffamu tahee bal'inaan hojiirra oola jira. Tooftaalen kunneen kan bakka wal bu'an otoo hin taane, tokko isa biraa kan utubuu fi kan wal dabaalan waan tahaniif Biyyoonni ce'umsa keessa jiran haala fi rakkoo isaanii irratti hundaa'un meeshaalee haqa ce'umsaa bal'aa fi hunda galeessa ta'an akka fayyadaman gorfama.

Haqni ce'umsaa biyyoota Addunyaa adda addaa keessatti yeroo adda addaatti hojii irra kan oole fi muuxannoowwan gaggaarii baay'ee walitti qabuu fi barachuuf carraa kan kenne waan ta'eef yeroo dhihoo asitti meeshaaleen, adeemsonni fi karaaleen adeemsa haqa ce'umsaa hojiirra oolaa jiran muuxannoo irratti kan hundaa'anii fi kan guddatan akka ta'an dandeessiseera.

## **1.2. Muuxannoo Adeemsa Haqa Ce'umsaa Itoophiyaa**

Biyyi keenya Itiyoophiyaan yeroo adda addaatti haala ce'umsaa keessa kan turte yoo ta'u, meeshaaleen haqa ce'umsaa garuu bifa guutu taheen hojiirra oolani hin beekan. Sababoonni, maalummaan, gosti fi hammi miidhaa sarbamiinsa mirga namoomaa gurguddaa, miidhaawwan fi cunqursaawwan adeemsawwan ce'umsaa kanneen keessa darbanii karaa gahaa ta'een hin qoratamne. Dhugaa jiru ifa gochuun fi beekamtii kennuun, adeemsi guutuun itti gaafatamummaa, dhiifamaa fi araara irratti hundaa'es hin raawwatamne.

Mootummaan Dargii mootummaa Mootii Hayilasillaasee aangoorraa erga buqqisee booda, jaallatamtoota, bulchitoota, ministeerota, fi qondaaltota biroo bara mootichaa miidhaa bal'aa geessisan, haala hin malleen badhaadhan, fi dhumaatii beela Wollootiif itti gaafatamummaa qaban jedhe mana hidhaatti guureera. Komishiniin Qorannoo dhimma abbootii aangoo kanneeni qoratee Mana Murtiitti dhiheessu hundaa'e ture. Komishinichi qorannoo eegalus, qorannoo kana osoo hin xumurin dura, Dargiin aanga'oota 50 ol irratti murtii du'aa dabarsuun tarkaanfiin akka irratti fudhatamu taasise.

Bara 1983tti ADWUIn ulee mootummaa to'achuun Mootummaa Ce'umsaa Itoophiyaa kan hundeesse yoo ta'u, bara bulchiinsa Dargiitti sarbamiinsa raawwatamaniif deebii kennuuf himannaa yakkaa akka meeshaa ijootti itti fayyadameera. Akkaataa Labsii Lakk. 22/1985 tin, Waajjirri Abbaa Alangaa Addaa kallattiin Muummicha Ministeeraaf itti gaafatamummaa qabu kan hundeeffame yoo ta'u, hojjetoota 400 ol of jalaa qaba ture. Hojiin Waajjirichaa inni guddaan yakka qondaaltonni Dargii raawwatan qorachuu, himachuu fi adabsiisuu ture.

Haaluma kanaan namoota adda addaarratti qorannoo qulqulleessun, Mana Murtii idileetti himannaa dhiyeessuun fi falmuun, Koloneel Mangistuu Hayilamaariyaam dabalatee himatamtoonni hedduun akka adabaman taasiseera. Adeemsa kana keessatti, hojiin ragoota namaa lakkoofsan ol'aana ta'ee fi ragoota Sanadaa gurmeessuu fi himachuu dhaabbata of danda'een akka hojjetamu gochuu akka ciminaatti ilaalamuu qaba. Kana malees, waggoota itti aanan keessatti, hojiin heera haaraa baasuu fi dhaabbilee dimokiraasii – jechuunis, Komishinii Mirga Namoomaa fi Dhaabbata Abbagaar hundeesuu hojjetameera.

Adeemsa haqaa yeroo kana keessa ture ija meeshaalee adeemsa haqa ce'umsaatiin yoo ilaallu hanqinoonni armaan gadii akka turan hubachuun ni danda'ama: -

- adeemsi haqaa, himannaa yakkaa heddu dhiyeessu qofa irratti kan xiyyeeffatee fi tooftaalee gocha hammeenya yeroo Dargii raawwatame haala gahaa ta'een uwwisuu fi furuuf tajaajilan kanneen akka dhiifama, araaraa fi dhugaa barbaaduutti fayyadamuu dhabuun;
- bara aangoo mootummaa Dargiitti miidhaan qaamolee birootiin raawwatame akka ture beekamus, adeemsi himannaa qondaaltota Dargii qofa irratti xiyyeeffachuun, yakkoota gareewwan siiviilii fi hidhannoo birootiin raawwataman jedhaman ilaalluu dhiisuun, adeemsicha haqaa moodeela Haqa Injifattoota taasisuun;



- adeemsicha haqaa keessatti hirmaannaan miidhamtootaa ragaa dhiheessuu qofaan kan daangeffame ta'uun, adeemsi himannaa dhimma Hariiroo Hawaasaa waliin walitti makamuu dhabuun fi mirga beenyaa argachuu kan hin kabajchiisne ta'uun isaa qaawwaota ka'an keessaa isaan ijoo dha.

Jijjiirama siyaasaa bara 2010tti biyya keenya keessatti uumame hordofuun, mootummaan sarbamiinsa mirga namoomaa gurguddoo, komiiwwan fi miidhawwan darban araaraa fi haqa irratti hundaa'e furuuf, akkasumas ijaarsa sirna dimokraatawaatiif karaa saaquuf tarkaanfiiwwan haqa ce'umsaa hedduu fudhateera. Miidhaawwan qaqqabaniif akka mootummaatti dhiifama gaafachuun, Komishinii Araaraa hundeessuun, himannaan, dhiifamni fi Riifoormiin seeraa fi dhaabbilee hojiiwwan ijoo adeemsa haqa ce'umsaatiif gumaachani fi hojjetamanidha.

Haa ta'u malee, meeshaaleen haqa ce'umsaa haala guutuu fi walsimaa ta'een hojiirra oolchuuf kallattii Imaammataa dhabuu irraa kan ka'e walitti dhufeenyi walii isaanii ifatti hin ibsamne. Tarkaanfiiwwan fudhataman hanqina mataa isaanii qaban; kaayyoo adeemsa haqa ce'umsaas galmaan gahuu hin dandeenye. Tattaaffiiwwan taasifamanii fi hanqinoota mul'atan keessaa kanneen armaan gadii akka fakkeeniyatti ibsamuu danda'u: -

### **Himannaa yakkaa ilaalchisee**

Sarbamoota mirga namoomaa gurguddoo fi malaammaltummaa cimaa fi/ykn gochoota biroo qabeenya mootummaa garmalee fayyadamuun wal qabatee, qondaaltota mootummaa irratti galmeen banamee dhimmi isaanii mana murtiitti dhiyaatee ilaalameera/ ilaalamaa jira. Adeemsi kun ija malawwan fi meeshaalee adeemsa Haqa Ce'umsaatiin yoo ilaallamu, hanqinaalee gurguddoo armaan gadii akka qabu adda baafameera. Kunneenis: -

- himannaawwan sarbamiinsa mirga namoomaa gurguddaa bara ADWUI mudatan hunda irratti kan xiyyeeffatan ta'uu dhabuu; fi dhimmoota himannaan irratti dhiyaachuu qaban hunda kan hin hammannee fi daangaa miidhaa geessistoota baay'ee xiqqaa ta'e qabaachuu isaa;
- yeroo baay'ee himannaawwan kan dhihaatan dhimmoota himatamuu qaban keessaa filachuu bifa fakkaatun ta'uun;
- adeemsi dhaddachaa dheeran jiraachuu fi dhimmoonni irra caalaan isaanii hanga ammaatti murtii kan hin arganne ta'uun;

- sirni himannaa mirga miidhamtoonni beenyaa argachuuf qaban haala kabajuun raawwatamuu dhabuun isaa miira haqa dhabuu miidhamtootaa fi hawaasa keessatti uumuu bira darbee adeemsa araaraf gumaacha taasiseera jechuuf kan nama hin dandeessifne ta'uun;
- mirga namoomaa fi dimokiraasii lammiilee kabajuun kabajchisiisudhaan, akkasumas balleessawwan darban akka irra hin deebi'amne gahee murteessaa qaamoleen taphachuu danda'an, kan akka Poolisii, Abbootii Alangaa, Manneen Murtii fi dhaabbileen haqaa fi dimokiraasii biroo - jijjiirama hoggansa murtaa'e irraa kan hafe - tooftaa adeemsa Haqa Ce'umsaa qorannoo fi adda baasurratti hundaa'e kana jedhamu hojiirra oolchuu dhabuun fa'a kanneen caqafamuu danda'ani dha.

### **Baraarsa ilaalchisee**

Sirni baraarsa kennuu fi raawwii haala wal fakkaatun kan hojjetamu waan hin turreef, kana sirreessuuf Labsiin Deemsa Baraarsa Kennuu fi Raawwii isaa Lakk. 1089/2010 bahee jira. Labsii kana bu'uura godhachuun namoota gocha yakkaa adda addaa keessatti hirmaataniif baraarsi akka godhamuuf Labsiin Lakk. 1096/2010 bahee jira. Kaayyoon labsii kanaa namoota sababa tasgabbi dhabuu siyaasaatiin yakka keessatti hirmaataniif baraarsa gochuun nagaa fi tasgabbi uumuu, waliigaltee biyyaalessaa uumuu fi dhiifama waliif gochuu jajjabeessuuf, fi dirree siyaasaa bal'isuu dha. Keessumaa, lammiilee Itoophiyaa fi lammiilee dhalootan Itoophiyaa kanneen mirga siyaasaatti fayyadamuuf socho'uu isaanitiin ittigaafatamummaan yakkaa yaaddoo itti taheef baraarsa kennuun haala gara biyya isaanitti ittiin deebi'uu danda'an mijeessuuf barbaachisaa waan ta'eef akka ta'e Labsicharratti ibsameera. Adeemsi kun ija tooftaawwan fi meeshaalee adeemsa haqa ce'umsaatiin yoo ilaalamu hanqinoota armaan gadii qaba ture. Kunneenis: -

- adeemsi baraarsa kennuu kun yakka dalagdaniittu jedhamanii kan shakkaman ji'a 6 keessatti gaaffii akka dhiyeessan gaafachuu malee haal-dureen biraa tokkollee kan hin kaa'amnee fi kunis adeemsa Haqa Ce'umsaa keessatti waan hin gorfamne- Baraarsa haal duree malee (blanket amnesty) kan kenne ta'uu;
- adeemsi dhiifamaa miidhamtoota hirmaachisuu dhabuurra darbaa adeemsicha keessatti sirnoonni miidhamtoota beenyessuu fi dhiifama gaafachuu kan hin dabalanne ta'uu;
- ija nagaa fi tasgabbi fiduutin, namoonni Labsii kanaan mana hidhaatii hiikaman walitti bu'iinsa waggoota afran darban keessatti uumaman keessatti hirmaachuun deebi'anii

hidhamuun isaanii yoo ilaallamu gaabbiin wal qabatee galma yaadame kan hin milkeessin ta'uu;

- namoonni baraarsa irraa fayyadamoo ta'an Waajjiraalee caasaa Federaalaa fi Naannootiin dhaabbatetti dhiyaatanii iyyachuun ragaa dhiifama gaafachuuf sirni diriiree jiraatus, hordoffiin cimaan raawwii irratti taasifamuu dhabuu irraa kan ka'e sirna dhiifamaa fi raawwii karaa sirrii ta'een hojjiirra oolchuu dhabuu, namoonni waraqaa ragaa hin qabnes dirqama tokko malee hawaasatti makamuu, fi dandeettii mootummaan seera kabachiisuuf qabu gaaffii keessa galchuu fa'i kaasuun barbaachisaadha.

### **Gurmaa'insa dhaabbilee ilaalchisee**

Komishiniin Nagaa fi Araara biyya keenyaa isa jalqabaa Labsii Lakk.1102/2011n kan hundeeffame yoo tahu, sarbamoota mirga namoomaa hamaa, jal'inawwan, badiiwwan fi kufaatiwwan yeroo adda addaatti fi irra deddeebiin Ityoophiyaa keessatti raawwatamaa ture sadarkaa gahaatti qoratee adda baasun beekamtii kennuun, nageenya itti fufiinsa qabuu fi sirna dimokiraatawaa dhugaa, araaraa fi haqa irratti hundaa'e akka ijaaruuf gumaacha akka godhu aangoo fi itti gaafatamummaan kennameefii jira. Haa ta'u malee, dhaabbatichi erga hundeeffamee kaasee hojii isaa isa guddaa raawwachuu osoo hin jalqabin fi bu'aa qabatamaa osoo hin argamsiisin, hojiiwwan qophiif tahan raawwachaa turee yeroon hojii waggaa 3 (sadi) kennameefi ture Gurraandhala bara 2014 dhume akka diiggamu godhameera. Komishinichi gama haqa ce'umsaatiin kaayyoo itti kenname galmaan gahuu dhabuu isaaf sababoota armaan gadii akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.

- Adeemsi ijaarsa Komishinichaa hiika kan qabuu fi mariin uummata biyyoolessaan kan irratti hin taasifamin ta'uu, wixinee irratti qaamolee dhimmi ilaallatuu fi ogeeyyii waliin mariin irratti taasifamuu dhabuu fi galteen fudhatamuu dhabuu;
- Hojii fi itti gaafatamummaan Komishinichaaf kenname ifa kan hin taanee fi hojii irra oolchuuf rakkisaa ta'uu, gahee fi itti gaafatamummaan isaa walitti dhufeenya fi hariiroo wal utubuu adeemsa haqa ce'umsaa biroo waliin qabu ifatti ibsamuu dhabuu, Komishinichi dhiifamaa fi baraarsaa kennuuf aangoo kan hin qabne ta'uu;
- Komishinaroonni Komishinichaa yeroo filatamanii fi muudaman yaadni ummataa kallattiin, mariin fi hirmaannaan hin turre; kunis fudhatama komishinichaaf gumaacha hamaa taasisuu;

- Namoota dhuunfaa sochii siyaasaa keessatti hirmaatanii fi bilisa ta'uun isaanii gaaffii keessa galu - kanneen akka miitotaatti ykn miidhamtootatti ilaalaman Komishinara ta'anii muudamuu;
- Komishinaroonni itti gaafatamummaa olaanaa kanaaf muudaman hojjetoota yeroo guutuu ta'uu dhabuu, lakkoofsi isaaniis kan baratame caalaa baay'ee ol'aanaa ta'uu (gara 41);<sup>3</sup>
- Sarbama mirga namoomaa gurguddaa kanaan dura raawwataman Komishinichi yoomirraa eegalee akka qulqulleessu ibsamuu dhabuu;
- Dhaabbatiichi dandeettii isaatin olitti itti gaafatamummaan kan kennameef tahuu (fakkeenyaaf, dhaabbileen mootummaa wal dhabdee amma jiru furuurratti kan hojjetanii fi akka furan ittigaafatamummaan kan kennameef osoo jiranuu hojiidhuma kana Komishinii Nagaa fi Araaratiif akka hojii dabalataa taasifamuu), hojiin dabalataa Marii Biyyoolessaa akka geggeessu, kan kennameef tahuu, Komishinoonni akka Komishinii Nagaa fi Araara wal dhabdee furuu fi Marii Biyyoolessaa geggeessuu hojii idilee isaanii akka hin godhanne haala hin gorfamne keessatti kun raawwatamuu dha.

Walumaagalatti carraawwan ce'umsa biyya keenya keessa turanirraa, meeshaalee adeemsa haqa ce'umsaa galmaan ga'uufis tahee haqa mirkaneessuuf yaaliiwwan muraasni kan turanii fi kanarraas muuxannoowwan fi bu'aawwan argaman akka jiran hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, yaaliiwwan haqa ce'umsaa Itoophiyaa keessatti geggeeffaman, kan bara 2010 booda gaggeeffame dabalatee, guutummaa kan hin qabnee fi adeemsawwan gahaa hin taaneen hojiirra kan oolan ta'uun isaanii hubatameera. Guutummaatti, meeshaalee fi malawwan adeemsa haqa ce'umsaa dabalachuun haala qindoomina qabuun hojiirra ooluu dhabuu irraa kan kan ka'e milkaa'u hin dandeenye. Kanaafuu, carraawwan adeemsaaleen haqa ce'umsaa uumanitti akka hin fayyadamneef fi waan hamaa darbe irraa barannee gara fuulduraatti akka hin tarkaanfanneef sababa ta'aniiru. Kun mataan isaa dhimmoonni wal-dhabdee, waraana biyya keessaa fi sarbamoota mirga namoomaa hanga ammaatti jiraniif sababa ta'an hedduun otoo hin furamin akka itti fufaniif gumaacha taasiseera.

---

<sup>3</sup> Komishiniwwan Dhugaa bu'a qabeessa ta'an biroo baay'inni Komishinaroota Olaanaan 25 hin caalu.

### **1.3.Barbaachisummaa Haqa Ce'umsaa Itoophiyaatti**

Akkuma armaan olitti agarsiisuuf yaalame, jijjiirama bara 2010 dhufe dabalatee, meeshaaleen haqa ce'umsaa Itoophiyaa keessatti yaalaman kaayyoo isaaniif yaadame galmaan gahuu hin dandeenye. Kanaafuu, adeemsa haqa ce'umsaa haala guutuu fi walitti hidhameen guddate, hirmaachisaa, miidhamtoota giddu galeessa godhate, qajeeltoowwanii fi tumaalee mirga namoomaa idil-addunyaa kabaje, muuxannoo biyyoota biroo fi biyya keenyaa irraa baratu, haala siyaasaa fi hawaasummaa biyya keenyaa hubannaa keessa galchu bocuun fi caaseffama Imaammataa ifaa ta'een akka geggeeffamu gochuun hojiirra oolchun baay'ee barbaachisaa dha. Kanaaf sababoota armaan gadii akka agarsiiftuutti kaasuun ni danda'ama: -

#### **a) Haalli biyyaalessaa sirna haqa ce'umsaa hunda galeessa ta'e hojiirra oolchuun barbaachisaa ta'uu kan agarsiisu ta'uu isaa;**

Itoophiyaa keessatti sarbamiinsi mirga namoomaa guddaan haaala sirnaawaa ta'een fi bal'inaan raawwatamaa akka ture gabaasaaleen hedduun ni mul'isu. Hojiileen haaromsa haqaa hedduun bara 2010 irraa eegalee hojjetamanis sarbamiinsi mirga namoomaa, tasgabii dhabuun, walitti bu'iinsi fi waraanni biyya keessaa itti fufee kan jiru yoo ta'u, lammiileen ammallee du'a, buqqa'iinsaa fi manca'iinsa qabeenyaaf saaxilamaa jiru. Sababoota marsaa badii hamaa kana keessaa akka hin baane nu dhoowwan keessaa: - sarbamoota mirgaa, hubannoowwan seenaa sirrii hin taane fi miidhawwan biyya keenya keessatti kuufamaa dhufani dha. Sarbamoota kanneenif deebiiwwan kennaman guutuu ta'uu dhabuun, miidhamtootaaf beenyaan kaffalamuu dhabuun, fi araarii biyyaalessaa raawwatamuu dhabuun kanneen akka sababoota dabalataatti caqasamanidha.

Baay'inni balleessitoota fi miidhamtoota, kuufamni miidhawwan, fi balleessawwanii bifa hawaasummaa kan qabatan ta'uun akkasumas fudhatamni dhaabbilee haqaa uummata biratti xiqqaa ta'uu isaa waliin walitti dabalamanii sirnaa fi adeemsa haqaa Idileetin haalawwan jiraniif haqa kennuunis ta'ee dhiifamaa fi araara raawwachuun akka hin danda'amne taasisaniiru. Kanaaf, adeemsi haqa ce'umsaa haala yeroo ammaa biyyattiin keessa jirtu hubannaa keessa galche, kan darbe sirriitti ilaalu, egereef bu'uura kaa'uu dandeessisu, muuxannoo addunyaa fi biyyoolessaatiin qophaa'e, akkasumas gareewwan kutaa biyyattii garagaraa keessatti ajandaawwan garagaraa qabachuun fi hidhannoo baatanii qabsaa'aa jiran hidhannoo hiikkachiisun akka hawaasatti makaman isaan taasisu hojiirra oolu qaba. Adeemsi akkanaa biyyattiin rakkoo wal-xaxaa ishee mudachaa jiru keessaa akka baatu gumaacha olaanaa qaba.

**b) Adeemsi haqa ce'umsaa milkaa'aa ta'e ijaarsaa fi itti fufiinsa Biyyaaf gahee ol'aana kan qabu ta'uu isaa.**

Marsaa badii biyya keenyaa keessaa bahuu fi sarbamiinsa raawwatamaniif deebii sirrii kennuuf hariiroo hawaasummaa dhugaa, haqa, nagaa fi araara irratti hundaa'ani haaromsuun baay'ee barbaachisaadha. Itiyoo phiyaan, seenaa keessatti, yeroon ykn carraan adeemsa araara dhugaa itti geggeessitee hin jiru. Inumaayyuu, baroota tokko tokko mootummoonni aangorra turan ejjannoon qabatan ergaa "kan wal dhabe hin jiru; araarris nu hin barbaachisu" jedhu kan of keessaa qabu akka ture ni beekama. Kanarraa kan ka'e, sarbamiinsi mirga namoomaa gurguddaan fi badiiwwan yeroo adda addaatti biyyattii keessatti raawwatamaa turan osoo sirnaan hin hiikamin gangalfamaa bara kana gahaniiru.

Kanaafuu, miidhawwan darban irratti mari'achuun qormaata ta'us, dhiifama waliif gochuu fi araari akka bu'u gochuun ijaarsa biyyaaf dhimma bu'uurati. Rakkoolee walxaxaa biyyattii kan turanii fi itti fufaniif furmaanni waarawaa yoo hin argamne, seeneffamni seena haqa dhabuu agarsiisan hawaasa karaa adda addaatin madeessuu akka itti fufan taasisa. Kanaaf, biyyattiin ummata qoqqoodame walitti fiduuf, walitti dhufeenya iddootti deebisuudhaaf, itti gaafatamummaa mirkaneessuu fi araara uumuuf malawwan haqa ce'umsaatti fayyadamuu akka filannootti ilaaluu qabdi. Adeemsa kanaan madaa duriif beekamtii kennuuf, kabaja dhala namaa deebisuuf, walitti makamuu waloo fi ijaarsa biyyaatiif gaheen haqa ce'umsaa baay'ee murteessaadha.

**c) Adeemsi haqa ce'umsaa milkaa'aa ta'e osoo hojiirra hin oolin ce'umsi gara dimokiraasii ta'e nageenyi itti fufiinsa qabu mirkanaa'uu kan hin dandeenye tahuu isaa;**

Akkuma biyyoota adda addaa keessatti mul'atu - miidhawwan darbanii fi sarbamiinsa mirga namoomaa gurguddaa raawwataman sirnaan osoo hin hiikin, dhugaa guutuu osoo hin baasin, itti gaafatamummaa osoo hin mirkaneessin fi beekamtii osoo hin kennin - ce'umsa dimokiraasii milkaa'a araara, nagaa fi haqaa irratti hundaa'e gochuun rakkisaadha. Kanarraa kan ka'e, sarbamiinsa mirga namoomaa gurguddoo fi badiiwwan biyya keenya keessatti yeroo adda addaatti raawwataman haala sirrii ta'een furmaata osoo hin argatin har'a kan gahan waan ta'aniif sarbamooni sun akka haqaman, ciccitooni akka suphaman, ce'umsi gara dimokiraasiitti taasifamu milkaa'aa akka ta'uu fi nageenya waaraa mirkaneessuuf adeemsa haqa ce'umsaa guutuu ta'e hojiirra oolchuun faayidaa kan qabu qofa osoo hin taane baay'ee barbaachisaa dha.

**d) Hojiirra oolmaan sirna haqa ce'umsaa kabajamuu mirgoota namoomaa fi olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti gumaacha bakka hin bu'amne kan qabu ta'uu isaa;**

Biyya keenya keessatti sarbamiinsi mirga namoomaa bal'inaan kan raawwatame ta'us, sirni balleessitoota hunda akka yakka isaaniitti itti gaafatamaa taasisu jiraachuu dhabuun, sababoota sarbamoonni irra deddeebi'anii akka raawwataman taasisan keessaa isa tokko dha. Sarbamni kun irra caalaa lammiilee Itiyooophiyaa hirmaannaa siyaasaa hin qabnee fi waa'ee kanaa hubannoo hin qabne irratti raawwatame. Qondaaltonni mootummaa fi beektonni hawaasaa, kanneen gochoonni kun akka hin raawwatamne to'achuuf ykn ittisuuf itti gaafatamummaa qaban, haalli kun akka hammaatu gumaacha guddaa yoo taasisan mul'ataniiru.

Gochoonni kunneen irra deddeebi'amanii waan raawwatamanii fi erga raawwatamanii boodas qorannoon akkasumas adeemsi himannaa miidhamtoota giddu-gala kan hin godhannee fi hawaasanis kan hin amanamne waan ta'eef adeemsa keessa amantaan ummanni sirna haqaa irratti qabu xiqqaachaa dhufeera. Kanaafuu, sirna haqa ce'umsaa hunda galeessa ta'e hojiirra oolchuun-adeemsi himannaa fudhatama qabu akka jiraatu, sarbama mirga namoomaaf xiyyeeffannoo barbaachisaan akka kennamu, sirni itti gaafatamummaa akka cimuu, fi sirni dhiifama, araaraa fi beenyaa miidhamaa giddu galeessa godhate akka jiraatu gochuun guddina aadaa mirga namoomaatiif fi mirkanaa'u olaantummaa seeraaf bu'uura kaa'a.

## **Kutaa Lama**

### **2. Tooftaalee Haqa Ce'umsaa fi Kallattii Filannoowwan Imaammataa**

#### **2.1.Seensa**

Adeemsi haqa ce'umsaa mala hunda galeessa himannaa, araara, dhiifama, dhugaa, beenyaa, haaromsa dhaabbilee fi meeshaalee haqa ce'umsaa roggummaa qaban biroo tokkummaan fi bifa wal utubuu danda'aniin of keessatti hammatedha. Tooftaaleen kunneen, haala biyyootaa tilmaama keessa galchuun fi caasaa dhaabbilee barbaachisoo ta'an fayyadamuun yeroo hojiirra oolan caalaatti bu'a qabeessa ta'u.

Filannoowwanii fi karaaleen haqa ce'umsaa biyya kamiinuu hojiirra oolu haala seenaa, diinagdee, hawaasummaa fi siyaasa biyyattii akkasumas amala adeemsa ce'umsaa irratti hundaa'un murtaa'uu qaba. Itoophiyaan biyya adeemsa ce'umsaa keessa jirtu waan taateef fi haqa ce'umsaa hojiirra oolchuu akka qabdu immoo kutaa 1<sup>ffaa</sup> jalatti waan ibsameef, haqa ce'umsaa kamitti

fayyadamuu akka qabdu of eeggannoodhaan filachuu fi murteessuun barbaachisaa dha. Kana malees, tooftaalee haqa ce'umsaa kam fa'i dhimmoota kamiif yoo fayyadamne ce'umsa bu'a qabeessa taasisa kan jedhus murteeffamuu qaba.

Kanaafuu, meeshaalee haqa ce'umsaa biyya keenya keessatti hojiirra ooluu danda'an keessaa haala amma keessa jirurratti hundaa'un, dhimmoota kallattiin itti kaa'amuu qabanii fi filannoowwan imaammataa hojiirra ooluu danda'an adda baasuudhaan akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

## **2.2. Himannaa**

### **2.2.1. Waliigala**

Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti tooftaalee hojiirra ooluu qaban keessaa tokko qorannoo yakkaa geggeessun himannaa hundeessanii adeemsa balleessitoonni ittiin adabaman diriirsuu dha. Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti himannaan yakkaa sirrii ta'ee kan fudhatamuuf dirqama sanadoonni mirga namoomaa idil-addunyaa biyyoota irra kaa'an keessaa tokko dirqama mirga namoomaa eeguu (duty to protect) waan ta'eef dha. Kunis, keessahu dirqama himachuu dabalata. Kana malees, sarbamiinsi mirga namoomaa guddaan yeroo raawwatamu, waliigalteewwan idil-addunyaa (fakkeenyaaf, kan akka Konveenshinii Jeeneevaa, Konveenshinii Duguuggaa Sanyii, fi Konveenshinii Reebicha fi Gochoota Namoomaan Faallaa Gurguddoo Ittisuu bahe) mootummaan dirqama itti gaafatamummaa mirkaneessuu akka qabu ifatti agarsiisu. Akkasumas, Imaammanni Haqa Ce'umsaa Afrikaa gochoota yakkaa murtaa'aniif dirqama himachuu ni kaa'a.

Kanaafuu, himannaa hundeessuun ittigaafatamummaa kana bahuun dirqama idil-addunyaa biyyattiin qabdu bahachuuf kutannoo qabaachuu fi kabajamuu mirga namoomaaf waadaa galte kan agarsiisu waan taheef, mirga haqa argachuus waan mirkaneessuuf, yakkamtoota gidduutti itti gaafatamummaa dhuunfaa waan hordofsiisuf, tarkaanfiin gitaa jumlaa irra deddeebiin akka hin mudanne waan eeguuf, olaantummaan seeraa fi itti gaafatamummaan akka jiraatu waan taasisuuf, taateewwan walfakkaatan akka deebi'anii hin mudanne waan godhuuf fi kana cinaatti dhugaa dubbachuun araara, nagaa fi dimokiraasii waan dagaagsuuf tooftaalee adeemsa haqa ce'umsaa Itoophiyaa keessatti hojiirra oolan keessaa tokko ta'uu qaba.

### **2.2.2. Dhimmoota akkamiitu himachiisu?**

Himannaan yakkaa haguuggii haqa ce'umsaa jalatti geggeeffaman, yakkoota idil-addunyaa fi yakkoota ciccimoo biroo qofa ilaallata. Gosoota yakkaa ilaalchisee, daangaa sirrii adeemsa haqa



yakkaa kaa'un barbaachisaa dha. Kanumaan walqabatee, filannoowwan armaan gadii ilaalamuu qabu.

**Filannoo Tokko: himannaa sarbamiinsa mirga namoomaa guddaa ykn yakka ciccimoo irratti xiyyeeffate gaggeessuu.**

Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti, himannaan karaa haqaa keessaa tokko ta'us, karaa tokkicha akka hin taane yaada keessa galchuun barbaachisaadha. Kanaaf, qorannoo fi himannaan yakkaa sarbama mirga namoomaa hunda irratti osoo hin taane, gosoota yakkaa gurguddoo jedhaman, sarbamiinsa amala idil-addunyaa qabanii, fi gochoota biroo Seera Yakkaatiin yakka cimaa jedhamuun adda baafaman qofa irratti raawwatama. Gosoonni yakkoota filannoo kana keessatti hammataman yakkoota namummaa, yakkoota duguuggaa sanyii, yakkoota waraanaa, yakkoota ciccimoo biroo namootaa fi qabeenya irratti raawwataman, fi kkf dha.

**Ciminoota**

- xiyyeeffannaan adeemsa himannaa yakkoota ciccimoo murtaa'an qofa irratti kan daangeffame waan ta'eef, malawwan haqa ce'umsaa biroo akka hojiirra oolan ni hayyama;
- gosoonni yakkoota adeemsa himannaatin uwwifaman xiqqaa waan ta'aniif adeemsai haqaa ariifataa fi gahumsa qabu akka ta'u kan taasisu yoo ta'u, yeroo gabaabaa keessatti dhimmicha xumuruufis carraa kan kennudha;
- yakkoota hammeenyummaa fi gara jabinaan raawwataman, kan amala idil-addunyaa qabanii fi ciccimoo ta'an irratti xiyyeeffachuun hojiin kun guddinaa fi gosa dogoggorawwanii haala agarsiisuun akka raawwatamuuf gumaacha ni taasisa;
- yakkoota mirga namoomaa idil-addunyaatiif itti gaafatamummaa gama hundeessutiin muuxannoo argamsiisu bira darbee dirqama himannaa dhiyeessuu biyyootarra kaahame bahachuudhaan fudhatamni idil-addunyaa akka argamu ni taasisa.

**Yaaddowwan**

- gochoonni kun gosoota yakkoota amala idil-addunyaa qabanii fi wal-xaxoo ta'an kan ilaallatan waan ta'eef, sirnaan qorachuu fi ragaa argachuuf rakkisaa ta'uu danda'a;
- qabiyyeen/hangi himannaa yakkaa dhiyaatu daangeffamaa waan ta'uuf miidhamtoota hunda quubsuu dhiisuu danda'a;
- bu'uurri seeraa guutuun biyya keenya keessatti yakkoota kanneen hiiku/hundeessu dhabamuun qormaata ta'uu mala.

**Filannoo Lammaffaa: adeemsa himannaa sarbama mirga namoomaa gosa hundaa hammate gaggeessuu.**

Ragaaleen sarbama mirga namoomaa hamaa ykn yakkoota amala idil-addunyaa qaban mirkaneessuf barbaachisan salphaatti argamuu hin danda'an. Akkasumas, yakkooni raawwatamuu isaanii mirkaneessuuf firiiwwan dubbii yakkaa guutu fi guutu dhabuu isaanii mirkaneessun dadhabsiisaa fi rakkisaa ta'uun isaa hin oolu. Kana malees, shakkamtoota yakkoota kana keessatti hirmaatan qofa itti gaafatamtoota taasisuun gama miidhamtootatiin yoo ilaallamu komii mataa isaa uuma. Kanaafuu, yakkoota kana qofaan kan osoo hin daanga'in, gosoota yakkoota bal'isuun hojiiwwan qorannoo fi himannaa gaggeessuun gaaffii haqaa miidhamtootaaf deebii kennuu bifa danda'uun hojii kana raawwachuun barbaachisaa ta'a.

**Ciminoota**

- shakkamtoota gochoota yakkaa hedduu keessatti hirmaatan baay'inaan waan hammatuuf itti gaafatamummaan sadarkaa fooyya'aa ta'een akka mirkanaa'u ni hayyama;
- fedhii haqa miidhamtootaa haala gaariin guutuu danda'a;
- sarbamiinsa mirgoota gidduu wal caalinsi akka hin jiraannee fi yakkooni irra deebi'amanii akka hin raawwatamne ittisa yakka fooyya'aa akka tahu ni gumaacha.

**Yaaddowwan**

- shakkamtoonni fi gosoonni yakkoota hojiin qorannoo fi himannaa irratti geggeeffamu lakkoofsan baay'achuu waan danda'aniif yeroon ce'umsaa adeemsa himannaa baachuu danda'uu olitti akka baatu dhiibbaa irraan gahuu danda'a;
- himannaan sarbama mirga namoomaa gurguddoo irratti waan hin xiyyeeffanneef, ciminaa fi gosoota sarbamiinsa sanaa hanga barbaadamu carraan calaqqisiisu dhabuu isaanii bal'aa dha;
- gochoota yakkoota gurguddoof xiyyeeffannoon akka hin kennamne gochuun hojiin himannaa fi qorannoo. gochoota yakkoota amala idil-addunyaa qabaniin uwwisa maluuf akka hin arganne taasisa;
- ba'aa hojii Manneen Murtii ni dabala, qabeenyi biyyattii daangeffame hojii sarbamoota bal'aa ta'an qorachuu fi himachuutiif akka oolu dirqisiisuu danda'a;

- gama bal'ina dhimmootaan yoo ilaallame, yeroo gabaabaa keessatti furmaata kennuu kan hin dandeessisne waan ta'eef, miidhamtoota fi hawaasa biratti balaa adeemsicha nuffuu fi itti quufu dhabuu ol kaasa;
- sarbamiinsa mirga namoomaa hunda adeemsa himannaa keessa akka darbu gochuun malawwan haqa ce'umsaa barbaachisoo ta'an biroo hojiirra oolchuuf rakkisaa ta'a.

### **2.2.3. Balleessitoota kamirratti himannaan hundeeffama?**

Himannaan yakkaa, mallattoo Haqa Mo'attoota irraa fagaachuun qaama mootummaa, miseensota garee hidhatanii, ykn namoota dhuunfaa biroo sarbama mirga namoomaa guddaa raawwatan hunda irratti banamuu qaba. Haa ta'u malee, akkuma armaan olitti ibsame, yaad-rimeen bu'uuraa adeemsa haqa ce'umsaa tokko sababa walxaxiinsaa fi cimina sarbamiinsatiin shakkamtoota hunda seeratti dhiyeessuun kan hin danda'amne ykn kan hin barbaachisne ta'uu isaati. Haaluma kanaan gocha yakkaa tokko keessatti yoo hirmaatanillee kan murtaa'an adeemsa himannaa yakkaa keessa akka darban yoo taasifamu, kuun ammoo malawwan haqa ce'umsaa kan akka dhiifama, dhugaa, araara, fi kkf keessa akka darban taasifama. Gaaffiin guddaan gama kanaan ka'u, warri himannaan irratti hundaa'u qabu kanneen 'ittigaafatamtoota olaanaa' dha jedhamanii yaadaman qofa moo 'raawwattoota biroo' dabalata kan jedhudha.

**Filannoo Tokkoffaa: adeemsa himannaa yakkaa keessatti namoota dhuunfaa yakka guddaa raawwatan, ajaja kennan, karoorsan, geggeessan, fi itti gaafatamummaa olaanaa otoo qabanuu itti gaafatamummaa isaanii bahuu dhabuudhaan miidhaan akka gahu kan godhan qofa irratti xiyyeeffachuudhan himannaa hundeesuu;**

Namoonni dhuunfaa haala kanaan adda baafaman adeemsa dhiifamaa fi baraarsa irratti yoo hirmaatan illee adabbii kan isaaniif hir'isu ta'aaf malee adeemsa himannaa haqa yakkaa irraa bilisa hin taasifaman. Namoonni dhuunfaa akka raawwattoota ijootti osoo hin taane, taatota ijoo osoo hin ta'in karaa biraatiin gocha kanarratti hirmaatan, yoo gocha miidhamtoota irratti raawwatan amananuun gaabbanii dhufanii fi miidhamtoota dhiifama gaafatan adeemsa himannaa yakkaa keessatti hin hammataman.

Namoota gochoota yakkaa kana keessatti hirmaatan hunda gara sirna himannaatti galchina kan jedhamu yoo ta'e, lakkoofsi shakkamtoota baay'ee ol'aanaa waan ta'uuf hojiin himannaa shakkamtoota hirmaannaa olaanaa qaban qofa irratti xiyyeeffachuun akka hojjetamu taasisuun barbaachisaadha. Garuu, shakkamtoota haala kanaan qooduuf sirni ifa ta'e diriiruu qaba.

## **Ciminoota**

- xiyyeeffannaan yakkamtoota ijoo qofa irratti waan ta'uuf, qaamota hojii qorannoo fi himannaa hojjetan irratti ba'aan hojii olaanaan akka hin uumamneef ni gargaara;
- namoonni gochicharratti taatota ijoo hin taane malawwan haqa ce'umsaa biroo keessa akka darban waan taasifamuuf filannoowwan haqa ce'umsaa biroo araara fi nagaa itti fufiinsa qabuuf gumaacha taasisan akka hojiirra oolan bakka ni kennaaf;
- ba'aa hojii Manneen Murtii hir'isuudhaan qabeenyi biyyattii murtaa'an raawwattoota sarbamiinsa ciccimoo irratti akka xiyyeeffatu taasisa;
- adeemsi himannaa kun, daangaa damee balleessitoota murtaa'an, gareewwan, ykn namoota dhuunfaa irratti osoo hin xiyyeeffatin shakkamtoota sadarkaa olaanaa hunda karaa sirrii ta'een himachuudhaan ce'umsi itti gaafatamummaa irratti kan hundaa'e akka ta'u ni gargaara.

## **Yaaddowwan**

- namoonni gocha yakkaa tokkoon shakkaman sababa hirmaannaan isaanii gargar ta'e qofaaf malawwan haqa ce'umsaa adda addaa keessa akka darban taasifamuun isaanii miidhamtoota dhuunfaa fi hawaasa biratti komii uumuu danda'a;
- raawwattoota yakkoota murtaa'anii adeemsa kana keessaa baasuun, gara fuulduraatti raawwattootni sarbama mirga namoomaa geessisan irra deebi'anii akka yakka raawwatan jajjabeessuu danda'a;
- adeemsi namoota hirmaannaan gadi aanaa qaban adda baasuu loogii fi gochaalee hin malleef balbala banuu danda'a;

## **Filannoo Lammaffaa: adeemsi himannaa yakkaa namoota sarbama mirga namoomaa guddaarratti sadarkaa kamittuun hirmaatan hammachuudhaan akka raawwatamu gochuu;**

Adeemsi kun adeemsa namootni sadarkaa kamittuu gocha sana keessatti hirmaatan gara sirna himannaatti ittiin fidamanidha. Haa ta'u malee, adeemsa haqa ce'umsaa hanga ta'etti, balleessitoonni badii raawwatan amananii fi gaabbanii miidhamtoota dhiifama gaafatanii kan dhihaatan yoo ta'e, murtiin balleessummaa yakkaa fi/ykn waliigaltee himannaa hir'isuu fi/ykn adabbiin filannoo akka irratti raawwatamu ykn fayyadamtoota dhiifamaa akka ta'an godhamuu qaba.

## **Ciminoota**

- shakkamtoonni hunduu adeemsa wal fakkaataa keessa waan darbaniif adeemsicharratti komiiwwan akka hin kaane taasisa;
- fedhiin haqaa miidhamtootaa haala gaariin akka guutamuuf carraa ni kenna.

### **Yaaddowwan**

- Malawwan haqa ce'umsaa himannaan ala ta'aniif xiyyeeffannoon akka hin kennamne ykn malliwwan sun dhugaa fi araara mirkaneessuu akka hin dandeenye taasisa.
- namoonni himatamuu danda'an baay'achuu irraa kan ka'e adeemsi himannaa ce'umsaa dandeettii adeemsichi baachuu danda'uu ol akka hin taane ni sodaatama;
- nama dhuunfaa walitti bu'iinsaa fi cunqursaa keessatti hirmaate hunda seeratti dhiyeessuun qabatamaanis tahee teeknikaan kan hin danda'amne yoo ta'u, yoo yaalamellee carraan adeemsa ariifachiisaa adabbii haqa qabeessa fi haqa hin qabne hordofuu waan jiraatuf dhabamiinsa haqaa fiduu danda'a.

## **2.3. Dhimmoota Dhaabbilee: Adeemsa Qorannoo, Himannaa fi Dhaddacha Yakkaa Eenyutu Gaggeessa?**

### **2.3.1. Waliigala**

Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti gama himannaa yakkaa hundeessutiin gaaffin ka'u dhaabbileen hojii kana raawwatan kam fa'i ta'uu qabu kan jedhu dha. Keessattuu, kanneen yeroo miidhaawwan raawwataman sarbama mirgaa irratti hirmaatan ykn qaamoleen haala dandeessistuu uuman, kan akka dhaabbilee Poolisii, Tikaa, Abbaa Alangaa fi Mana Murtii fi miseensota isaanii jijjiirama bu'uuraa osoo hin godhin ykn gochuun isaanii hawaasaan osoo itti hin amanamin adeemsa haqa ce'umsaa keessatti hirmaachuun isaanii sirrii hin ta'u. Biyya keenya keessattis haalli walfakkaataan waan jiruuf, filannoowwan dhaabbilee adeemsa ce'umsaa keessatti adeemsa himannaa qajeelchan ilaaluun barbaachisaadha.

### **2.3.2. Manneen Murtii**

Manneen Murtii ilaalchisee muuxannoon sadarkaa Idil-addunyaatti jiru bifa gara garaa qaba. Yakkoota idil-addunyaa ciccimoo mirga namoomaa irratti raawwatamaniin wal qabatee muuxannoowwan jiran:- a) Mana Murtii Yakkaa Idil-Addunyaa ykn akkaatuma haala qabatamaa biyyootaatiin manneen murtii idil-addunyaa haala addaatiin hundeeffaman fayyadamuun sirna abbaa seerummaa gaggeessuu (akkuma fakkeenyaaf Yugoslaaviyaa fi Ruwaandaatti

raawwatame); ykn b) manneen murtii biyyaalessaa fi sirna idil-addunyaa walitti makuun manneen murtii addaa sirna abbaa seerummaa geggeessan hundeesuun (akkuma fakkeenyaaf Seeraaliyoon fi Kaamboodiyaa keessatti raawwatame);ykn c) Sirna haqaa biyyaalessaa fayyadamuun sirna haqaa gaggeessuu kan jedhanidha.

Itoophiyaan miseensa Mana Murtii Yakkaa Idil Addunyaa miti. Akka bu'ura seeraa fi hojimaata mana murtichaatti dhimmi biyyoota miseensa hin taane mana murtii kanatti haalli itti dhiyaachuu danda'u yoo jiraatellee, muxannoowwan dhiheenya kanarraa fi galmoota haqa ce'umsaa ilaalcha keessa galchuun filannoo gorfamu miti. Filannoowwan biroo Mana Murtii Idil-addunyaa (fkn Manneen Murtii Walmakaa) muuxannoo amma jirurraa ka'uun kan jajjabeeffaman ykn haala siyaasaa biyya keenyaa keessatti fudhatama kan qaban miti. Kanaafuu, manneen murtii ilaalchisee, adeemsa Haqa Ce'umsaa raawwachuuf filannoowwan armaan gadii lamaan jiraachuu ni danda'u:

-

### **Filannoo Tokkoffaa: Mana Murtii Ol'aanaa fi Waliigalaa keessatti Mana Murtii Addaa hundeesuun dhimmoota dhagahuun murtii kennuu.**

Filannoon kun Mana Murtii federaalaa keessatti ramaddii Abbootii Murtii barbaachisoo ta'e gochuun dhaddacha dhimmuma kanaaf moggaafamu dha. Filannichis dhaddacha addaa sarbama mirga namooma gurguddoo Manneen Murtii Olaanaa keessa darban ilaalu gurmeessun fi Abbootii Murtii ramadaman fi gargaartota isaaniif leenjii barbaachisaa ta'e kennuun - murtiin caasaa Mana Murtii jiru keessatti akka raawwatamu dandeessisa. Mirga ol'iyannoo kabajchiisuf dhaddachi addaa walfakkaataan Mana Murtii Waliigalaa keessatti hojii kana raawwachuuf ni hundeeffama.

### **Ciminoota**

- hojiiwwan dhaabbilee jiran keessatti akka raawwataman waan taasisuuf qabeenya qusata;
- dandeettii namaa fi dhaabbilee jirutti fayyadamuu ni dandeessisa;
- gama gaaffii walabummaa fi dandeettii Manneen Murtiitin wal qabatee jiru deebisuutiin yoo ilaallamu, caasaa walabummaa fooyya'aa fi ramaddii Abbootii Murtii sakatta'iinsa sirrii ta'een dabaalame hojiirra oolchun hojii haaromsaa manneen murtii geggeessan keessatti gumaacha ni qabaata.

### **Yaaddowwan**

- dhaddacha Manneen Murtii haala gahaa ta'een haaromsi itti hin geggeeffamin ykn itti geggeefameera jedhamanii hin yaadamnetti fayyadamuun amanamummaa fi fudhatama adeemsa himannaa fi bu'aa isaa irratti gaaffii kaasisa;
- haala amma jiruun walxaxiinsaa fi guddina himannaawwanii ilaalcha keessa galchuun hanqinni dandeettii jiraachuu danda'a.

### **Filannoo Lammaffaa: mana murtii addaa dhimmoota dhagahee murtii kennu hundeessu**

Adeemsi kun manneen murtii idilee irraa kan adda ta'e mana murtii addaa gurmaa'ina mataa isaa qabu seeran hundeessuun, lammiilee Itiyooophiyaa dhimmicha irratti muuxannoo qaban Abbaa Murtummaatin muudun, akkasumas Mana Murtichaaf aangoo, itti gaafatamummaa fi walabummaa barbaachisaa ta'e kennuudhaan - adeemsa himannaa akka bulchu gochuudha.

### **Ciminoota**

- dhaabbataa fi jaarmiyaa haaraa uumuudhaan dhaabbatni fudhatama fooyya'aa ta'ee fi walabummaa qabu akka jiraatuf carraa uuma;
- Abbootii Murtii dandeettiin isaanii wal-xaxiinsa yakkoottiin wal gitu akka ramadamanii fi gahumsa fooyya'aa ta'een himannaawwan akka ilaalamaniif ni gargaara.

### **Yaaddowwan**

- dhaddacha addaa moggaasuun wal qabatee gaaffiin heerummaa irratti ka'uu ni danda'a;
- dhaabbata haaraa hundeessuun hojiin humna namaa fi galteewwan barbaachisoo ta'an guutuu yeroo dheeraa fudhata;
- adeemsichi dhaabbata itti fufiinsa qabu ijaaruuf gumaachi qabu xiqqaadha.

### **2.3.3. Qorannoo fi himannaa**

Qorannoo fi himannaa ilaalchisee filannoowwan dhaabbilee armaan gadii lama jiraachuu ni danda'u.

### **Filannoo Tokko: dhaabbilee Poolisii fi Abbaa Alangaa keessatti garee addaa adeemsa haqa ce'umsaa keessatti dhimmoota qorannoo fi himannaa irratti hirmaatu gurmeessuu**

Filannoon kun caasaa mootummaa amma jirutti fayyadamuun bilisummaa fi walabummaa fooyya'aa ta'e kennuuf akka danda'amutti gareewwan adda baafaman gurmeessun adeemsaalee qorannoo fi himannaa qindeessuu gaafata. Kana jechuun, dhaabbileen akkuma amma jiran kanatti hojiiwwan kana hojiirra oolchu jechuu otoo hin taane, riifoormii dhaabbilee, hojii qulqulleessuu fi adda baasuu raawwachuudhaan hojii sana ni raawwatan haal-duree jedhuun kan kaa'amudha.

Qaamolee adeemsa kana keessatti hirmaataniif leenjii sadarkaa idil-addunyaa kennuun barbaachisaadha.

### **Ciminoota**

- hojiileen dhaabbilee jiran keessatti akka raawwataman waan taasisuuf qabeenya qusata;
- dandeettii namaa fi dhaabbilee amma jirutti fayyadamuu ni dandeessisa;
- muuxannoon hojii akkanaa hojjechuu itti fufiinsa akka qabaatu gochuun ijaarsa dhaabbileef gumaacha ni taasisa.

### **Yaaddoo**

- dhaabbilee haqaa haaromsi gahaa ta'ee itti hin geggeeffamne ykn itti geggeeffameera jedhamanii hin yaadamne fayyadamuun hojiiwwan himannaa gaggeessuun amanamummaa fi fudhatamummaa adeemsichaa fi bu'aa isaa irratti gaaffii kaasisa.

### **Filannoo Lama: dhaabbilee Abbaa Alangaa amma jiran ala dhaabbata Abbaa Alangaa addaa adeemsa qorannoo fi himannaa qindeessu hundeessuun ogeeyyii poolisii fi qorannoo ramaduudhaan**

Filannoon kun dhaabbilee qorannoo fi himannaa jiraniin alatti dhaabbata Abbaa Alangaa addaa haaraa fi yeroof ta'u hundeessuun hojiin akka hojjetamu kan taasisudha. Dhaabbanni kun Abbootii Alangaa qofa osoo hin taane ogeeyyii qorannoos akka hammatutti kan hundeeffamu ta'a.

### **Ciminoota**

- dhaabbataa fi jaarmiyaa haaraa uumuudhaan dhaabbatni fudhatama fooyya'aa ta'ee fi walabummaa qabu akka jiraatuf carraa uuma;
- hojiin qorannoo fi himannaa dhaabbata tokkoon waan hojjetamuuf hojichi saffisa fooyya'aadhaan akka hojjetamu taasisa;
- dhaabbatichaaf xiyyeeffannoo addaa kennuuf deeggarsa barbaachisu argachuuf ni dandeessisa;
- miidhamtoonni yakkaas ta'e hawaasni dhaabbaticha waliin atoomun akka hojjetan ni jajjabeessa;
- abbummaa fi itti gaafatamummaa fooyya'aa ni uuma.

### **Yaaddowwan**

- dhaabbata haaraa hundeessuun hojiin humna namaa fi galteewwan barbaachisoo ta'an guutuu yeroo dheeraa fudhata;



- hojii himannaati fi qorannootif, dhaabbilee amma jiraniin alatti, ogeeyyii dandeettii fi muuxannoo qaban argachuun rakkisaa ta'uu danda'a;
- adeemsichi dhaabbata itti fufiinsa qabu ijaaruuf gumaachi qabu xiqqaadha;
- dhaabbata kanaaf wantoota barbaachisoo ta'an guutuf mootummaan itti gaafatamummaa waan qabuuf qabeenya biyyattii murtaaha ta'e irratti dhiibbaa ni uuma.

#### **2.3.4. Hojiiwwan haaromsa seeraa: yakkoota dhala namaa irratti raawwataman seera biyya keenyaa keessatti hammachiisu**

Yakkoota idil-addunyaa gara jabinaa fi badoominaan namoota irratti raawwataman keessaa tokko kan ta'e yakkoota dhala namaa irratti raawwataman yoo ta'u, Seera Yakkaa biyya keenyaa keessattis ta'ee seera biroo keessatti hin tumamne. Kunis, qaawwa seera adeemsa haqa ce'umsaa keessatti hojiiwwan himannaa yakkaa gufachiisuu danda'udha. Kanaafuu, seera yakkaa idil-addunyaa irratti hundaa'uun yakkoota dhala namaa irratti raawwataman ilaalchisee seera baasuun qaawwa jiru guutuun barbaachisaa ta'a. Kunis, adeemsa qorannoos ta'ee dhaddachaa keessatti seerri bitu akka jiraatu gochuudhaan sarbama mirga namoomaa cimaarratti adeemsi himannaa geggeeffamu walsimaa fi haqa qabeessa akka ta'uuf ni gargaara.

Adeemsi kun, seerri yakkaa duubatti deebi'ee kan hin hojjenne ta'uu isaatiin walqabatee, hojiin ykn gochi kamiyyuu yeroo raawwatamutti yakka ta'uun isaa ifatti yoo tumame malee, nama kamiyyuu seeran hin gaafachiisu falmii jedhu kaasisuun isaa wanta eegamu dha. Haa ta'u malee, yakkoonni kunneen seera aadaa idil-addunyaa (Customary International Law) tiin duraanuu yakka ta'uun isaanii Qajeeltoo idil-addunyaa biyyoonni irratti waliigalanidha. Ija kanaan, gochichi akkaataa qajeeltoo seeraa waliigalaa biyyoonni beekamtii kennaniifin akka yakkaatti kan lakkaa'amu yoo ta'e, Seerri Yakkaa duubatti deebi'ee hin hojjetu Qajeelton jedhu hojiirra hin oolu jedhamee Waliigaltee Mirgoota Siivilii fi Siyaasaa Idil-addunyaa keewwata 15 (2) jalatti ifatti kan tumame ta'uu ilaalun barbaachisaadha. Kanaafuu, akka Heera Mootummaa keewwata 13(2) tti tumaaleen mirgoota bu'uura fi bilisummaa akkaataa seerota, waliigalteewwanii fi qajeeltoowwan mirgoota namoomaa idil-addunyaa Itiyoophiyaan fudhatte waliin wal-simuun hiikamu waan ta'eef, seera gara fuula duraa bahu irratti hundaa'uun seerichi ba'uun dura namoota dhuunfaa yakkoota namooma irratti raawwatamu raawwatan irratti himannaa dhiheessun ittigaafatamtoota gochuun ni danda'ama; sirriidhas. Kanaafuu, seerotni akkasii yeroo ragga'an, adeemsa dhaddachaaf akka

mijatu yakka seera idil-addunyaatiin tumameef bu'aa beekamtii kennuu qabaata malee akka seera haaraa baasutti ilaalamuu hin qabu.

## **2.4. Dhugaa Barbaadu fi Ifa Baasu**

### **2.4.1. Waliigala**

Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti dhugaa barbaaduun adeemsa dhiittaa mirga namoomaa darbee fi miidhaa qaqqabe beeku fi ifatti beekamtii kennuudha. Miidhaamtoonni yookan maatiin isaanii fi hawaasni bal'aan dhugaa darbe beekuuf mirga qabu. Dhugaa barbaadu fi ifa baasuun mataan isaa miidhamtoota fi maatii isaaniif bifa haqaati. Taateewwan sadarkaa biyyaatti raawwataman yeroo ifatti beekamtii argatanii ifatti ibsamuun qaama seenaa biyyattii ta'an araara dhalootaa fi biyyaatiif bu'uura kaa'u. Adeemsi haqa ce'umsaa biyya keenya keessatti yaadamus galmoota kanneen galmaan kan ga'u ta'uutu irraa eegama.

### **2.4.2. Hojiiwwan ijoo adeemsa dhugaa qulqulleessu maal fa'i?**

#### **Hirmaannaa miidhamtoota mirkaneessuu: -**

Adeemsa dhugaa qulqulleessuu keessatti hirmaannaa miidhamtoota mirkaneessuun dhimma bu'uurati. Warra miidhamaniif- miidhaa irra gahe bal'inaan akka ibsan gochuun adeemsa dhugaa qulqulleessuu keessatti akka hirmaatan taasisuun barbaachisaadha.

#### **Balleessitoota hirmaachisuu: -**

Adeemsa dhugaa baasuu keessatti yaadannoon haala miidhama darbee, taateewwan miidhamtootaan murtaa'an qofarratti akka hin daangeffamne akkasumas sarbamooni ragaa/miidhamtoota hin qabne otoo hin qulqullaa'in akka hin hafneef miitota hirmaachisuun barbaachisaadha. Hojiin ragaa bahuu miidhamtoota waan hunda caalaa barbaachisaa ta'uun isaa kan hin shakkisiisne ta'ullee, waa'ee dhugichaa caalaatti dhugaa argachuu fi suuraa guutuu ture hundeessuuf hirmaannaan miitota ni barbaachisa. Hirmaannaan miitota karoorri, hogganaan, kaayyoon, sirni fi kkf maal akka ture akka ibsaniif fi maatiin namoota achi buuteen isaanii dhabamee ykn bakki/awwaalli isaanii hin beekamne akka beekaniif fi hubataniif carraa ni uuma.

#### **Miidhawwan Galmeessuu: -**

Sarbamoota mirga namoomaa ciccimoo kanaan duraa bal'inaan galmeessuun balleessawwan akka beekamanii fi akka hin irra deebi'amne ni taasisa. Kana malees, dhugaan seenaa adeemsa haqa

ce'umsaa keessatti mirkanaa'e galmaa'e taa'un isaa miidhamtootaaf beekamtii kennuudhaan gara fuulduraatti miidhamtoota ibsa 'kun hin taane' jedhu ykn haaluu irraa kan eegu ta'a.

### **Dhugaa Qulqullaa'e Hawaasaaf Ibsuu fi Beeksisuu: -**

Adeemsa dhugaa barbaaduu keessatti miidhawwan galmeessuu qofti gahaa miti. Kanaaf, dhugaa qulqullaa'e hawaasa beeksisuu fi gidiraa miidhamtootaaf beekamtii ummataa kennuu barbaachisa.

### **2.4.3. Dhimmoota dhaabbilee: adeemsa dhugaa qulqulleessuu eenyutu gaggeessa?**

Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti hojiin dhugaa qulqulleessuu, irra caalaa hojii jecha miidhamtootaa fi badii raawwattootaa walitti qabuu (statement taking) fi waltajjii ummataa (public hearing) mijeessuu kan hammatudha. Adeemsa haqa ce'umsaa biyya keenya keessatti yaadamu keessatti hojii kana galmaan ga'uuf filannoowwan dhaabbilee armaan gadii ilaaluun ni danda'ama.

### **Filannoo Tokkoffaa: hojicha karaa komishinii haaraa hundaa'un raawwachu**

Akkuma muuxannoon biyyoota biroo agarsiisetti, hojii adeemsa haqa ce'umsaa keessatti dhugaa jiru qulqulleessun hojii komishiniwwan dhugaa sakatta'an adeemsicha keessatti hundeeffamaniif kennamudha. Itoophiyaa keessatti, filannoon tokko hojii kana Komishinii Dhugaa fi Araaraa bilisaa fi walaba ta'eef kennuudha.

### **Ciminoota**

- adeemsa haqa ce'umsaa keessatti Komishinii hundeesuun hojii sadarkaa idil-addunyaatti fudhatama qabuu fi barame dha.
- dhaabbataa fi jaarmiyaa haaraa uumuudhaan dhaabbatni fudhatama fooyya'aa ta'ee fi walabummaa qabu akka jiraatuf carraa uuma;
- kaayyoon dhugaa qulqulleessuu dhugaa jiru qulqulleessuu fi baraarsa kennuudhaan araara buusuu waan ta'eef, adeemsi kun qaama hojicha raawwachuuf hundeeffameef kennamuun isaa daran bu'a qabeessa taasisa;
- dhaabbileen kunneen bilisummaa fi walabummaa qabanirraa kan ka'ee fi adeemsa isaanii keessatti hawaasa kan hirmaachisan waan ta'eef, amanamummaan adeemsa sanaa ol'aanaa ta'a;
- ogeeyyii fi hoggantoota damee kanaa beekamoo qaama dhaabbatichaa taasisuudhaan hojiin sun beekumsaan akka hogganamu taasisa;
- dhugaan baraarsa haaldureerratti hundaa'un kennamuuf haal-duree waan ta'eef, adeemsaalee sagalee fi hirmaannaa miitotaa fi miidhamtoota mirkaneessuu, qulqulleessuu,

galmeessuu fi ifa baasu kan ariifachiisan hojiiwwan/waltajjiiwwan/karaawwan jechi itti fuudhamu bal'aa ta'e diriirsuu gaafata; hojii bal'aan akkasii qabatamaan raawwachuuf jedhamee Komishinii hundeeffameen hojjetamuun isaa caalaatti sirrii dha.

### **Yaaddowwan**

- gama qabeenya murtaaha biyyattiin qabduun yoo ilaallamu baasii guddaa gaafata;
- hundeeffamni komishinii haaraa kanaan dura yaalamee kan ture waan ta'eef kaka'umsi siyaasaa gad-aanaa ta'uu mala;
- bal'ina biyyattii, bal'ina adeemsa fi daangaa yeroo Komishinichi qabu irraa kan ka'e rakkoon dhaqqabummaa jiraachuu danda'a.

### **Filannoo Lammaffaa: qulqulleessi Dhugaa Karaa Komishinii Mirga Namoomaa Itoophiyaa ykn Komishinii Marii Biyyaalessaa Itoophiyaa dhiyeenya kana hundeeffameen gaggeessuu.**

Filannoon kun, fooyya'iinsa seeraa barbaachisaa ta'e gochuun fi aangoo dabalataa kennuufidhaan dhaabbileen kunneen adeemsa haqa ce'umsaa keessatti hojii dhugaa qulqulleessuu akka raawwatan dandeessisuuf kan akeekedha.

### **Ciminoota**

- dhaabbilee jiranitti fayyadamuun qabeenya biyyattii murtaaha tahe ni qusata;
- adndeettii dhaabbilee ni ijaara.

### **Yaaddowwan**

- dhaabbileen lamaan itti gaafatamummaa olaanaa fi hojii bal'aa waan qabaniif hojii bal'aa dhugaa barbaaduu kana bifa bu'a qabeessa ta'een raawwachuu dhiisuu danda'u;
- keessattuu, Komishiniin Mirga Namoomaa, dhaabbata mirga namoomaa biyyoolessaa waan ta'eef hojii to'annoo fi hordoffii isaa irratti dhiibbaa qaba; muuxannoo idil-adduyaatinis dhaabbileen akkasii kanneen adeemsicha keessatti kallattiin hojiirra oolchitoota akka ta'an hin gorfamu;
- adeemsa haqa ce'umsaa keessatti dhugaa jiru qulqulleessuuf dandeettii hojii adeemsa walxaxaa fi hirmaachisaa hordofuun hojjechuuf barbaachisu hin qaban;
- ogeessotaa fi hooggantoota damee kanarratti beekumsa qaban dhaabbileen ala jiranitti fayyadamuuf carraa hin kennu.

## **2.5. Araara**

### **2.5.1. Waliigala**

Araarri galma haqa ce'umsaa keessaa isa tokkodha. Araarri miidhaa sarbamiinsa mirga namoomaa hangaan bal'aa ta'e, waraana, walitti bu'iinsa yookan hacuuccaa tureetin dhaqqabeen akkasumas jibbaa fi wal sodaadhan adda bahanii namoota akkasumas hawaasaaleen garaa garaa waliin jireenyi fi walitti dhufeenyi isaanii diigame akka ijaaramu adeemsa ittiin deemanidha.

Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti gaheen araarri qabu haala amala ce'umsichaa irratti kan hundaa'u yoo ta'u, keessaayyuu biyyoota akka Itoophiyaa jiran keessatti sirnoota sarbamooni mirgoota namoomaa keessatti raawwatamaa turan keessatti geggeessitooni yookan namoonni dhuunfaa hirmaataa turan araaraf gahee olaanaa akka taphatan gochuun barbaachisaadha.

Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti, araarri akka adeemsaatti yookan akka galma of danda'e tokkootti fudhatamuu danda'a. Araarri akka adeemsaatti kan ilaalamu, adeemsa gadii fagoo fi jijjiirramaa ta'e kan qabate tooftaalee adda addaa hojiirra oolchuun waliigaltee fi haqa mirkaneessuuf waan gargaaruufi. Gama biraatin, araarri akka galma of danda'eetti kan ilaalamu ammoo tooftaalee adda addaa hojiirra oolchuun kan milkaa'u yookan argamu waan ta'eefi. Gabaabinaan, araarri akka galmaatti yommuu fudhatamu, qajeeltoowwan haqa ce'umsaa adda addaa hojiirra oolchuun mirkaneessuun kan danda'amu ta'uu kan agarsiisu yoo ta'u, haalli araarri akka adeemsaatti itti fudhatamu ammoo araarri galma yeroo murtaa'e qofa keessatti raawwatu osoo hin taane hojii yeroo dheeraa fudhatuu waan ta'eef tooftaan haqa ce'umsaa adeemsa araaraa eegalchiisuu fi haala mijeessuu ta'uu qaba kan jedhuudha.

Araarri karaalee biroo haqni ce'umsaa ittiin mirkanaa'u waliin qindoominaan kan raawwatamu malee, itti gaaftamummaa tokko malee badii fi balleessaaf adeemsa dhiifamni itti godhamu ta'uu hin qabu. Kanaafis, adeemsichi dhugaa bahuu fi gaabbuu balleessitootaa, dhiifama gochuu miidhamtootaa, waliin jireenya haalorraa bilisa ta'ee, murtee diimokiraatawaa fi irra deebin walitti makamuu, akkasumas dhugaa, baraarsaa, beenyaa, nagaa fi haqa qixa tokkotti adeemsa hojii qabate ta'uu qaba.

### **2.5.2. Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti gosoota Araaraa raawwatamuu danda'an**

Adeemsa haqa yeroo ce'umsaa karoorfame kana keessatti gosoota araaraa armaan gadii kanneen hammaa fi sadarkaa adda addaatin hojiirra oolchuu barbaachisa.

#### **Araara dhuunfaa**

Araarri inni kun, namoonni miidhaa geessisan hariiroo namoota biroo faana qaban akka haaromsaniif ofii isaanii waliin nagaa akka buusan yaada keessa kan galchedha. Kunis, sagantaawwan deebisanii dhaabuu bocuudhan miidhamtootaf deeggarsaalen akaakuu fi xinsammuu akkaataa itti godhamu haala mijeessuu gaafata.

#### **Araara namoota dhuunfaa**

Araarri gosa kanaa warreen miidhanii fi miidhaman akkasumas namoota kallattiinis ta'ee al kallattiin hirmaannaa qaban gidduutti hariiroo waliin qaban irratti xiyyeeffachuun, miidhaa dhaqqabeef beekamtii kennuun adeemsa dhiifama waliif gochuuti. Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti adeemsonni himannaa, dhugaa qulqulleessuu fi dhiifamaa, duudhaalee amantaa fi hawaasaa irratti xiyyeeffachuun, adeemsota araarri itti raawwataman kan dabalatudha.

#### **Araara hawaasummaa fi siyaasaa**

Gosti araaraa kun saboota, garee hawaasaa, amantaa, siyaasaa yookan gareewwan biroo wal qoqqoodani fi garaa wal hanqatan irratti xiyyeeffachuun, tooftaalee aadaa fi amantii wal dhabdee hiikuutti fayyadamuun miidhaa dhaqqabeef beekamtii kennuun akkasumas gara fuulduraati walitti dhufeenya wal amantaa irratti hundaa'e uumuuf araara raawwatamuudha.

#### **Araara dhaabbilee**

Dhaabbileen itti gaafatamummaa mirgoota dhala namaa lammiilee eeguu, eegsisuu fi guutuu qaban. Keessattuu, adeemsa haqa ce'umsaa keessatti qaamoleen gahee ol'aanaa qaban kanneen akka dhaabbilee haqaa fi nageenyaa haaromsa dhaabbataa taasisuu fi itti gaafatamummaa mirkaneessuudhaan miidhaa qaqqabe amananii itti gaafatamummaa fudhachuudhan amantaa uummataa akkaataa deebisanii ittiin argatan haala mijeessudha.

### **2.5.3. Dhimmoota dhaabbileen wal qabatan: adeemsa araaraa eenyu haa hoogganu?**

Adeemsa haqa yeroo ce'umsaa keessatti adeemsi araaraa himannaa, haqa qulqulleessuu fi adeemsa baraarsaa waliin walitti hidhamiinsan kan raawwatamudha. Haqa yeroo ce'umsaa **biyya** keenyatti

yaadamaa jiru keessatti dhaabbilee adeemsa kana raawwachisan ilaalchisee filannooleen dhaabbilee armaan gadii kunneen ilaalamuu malu.

### **Filannoo Tokko: Komishinii araaraa haarawa hundaa'un raawwachuu**

Akka muuxannoo biyyoota biroo irraa argametti, adeemsa haqa ce'umsaa keessatti araarri hojii koomishinoota adeemsichaan hundaa'uuf kan keennamudha. Itoophiyaattis filannoon inni tokko hojiin araaraa kun komishinii haqaa fi araaraa bilisaa fi walaba ta'ee hundeeffamuun akka raawwatamu taasisuudha.

#### **Ciminoota**

- adeemsa haqa yeroo ce'umsaa keessatti araarri galma isa tokko waan ta'eef adeemsa kana keessatti hojiiwwan kanneen raawwachuuf dhaabbata hundaa'een akka raawwatamuun isaa caalmatti bu'aa qabeessa isa taasisa;
- dhaabbileen kun bilisummaa fi walabummaa qabaniifi adeemsa hojii isaanii keessattis hawaasa kan hirmaachisan waan ta'uuf amanamummaa fi fudhatammummaan isaa ol'aanaa ta'a;
- dhimmicha irratti ogeessota beekamoo ta'anii fi geggeessitoota qaama dhaabbatichaa taasisuun hojichi beekumsaan akka geggeeffamu taasisa.

#### **Yaaddowwan**

- qabeenya daanga'aa biyyattiin qabdu waliin yoo ilaalamu baasii ol'aanaa kan gaafatudha;
- Koomishinii haaraa dhaabuun kana dura yaalamee kan jiru waan ta'eef kaka'umsi siyaasaa isaa gadi bu'aa ta'uu mala;
- bal'ina kaartaa biyyattiin qabdu, gadi fageenya adeemsichaa fi daangaa yeroo koomishinichi qabatuu waliin yoo ilaalamu dhaqqabummaan isaa rakkoo qabaachuu mala.
- 

### **Filannoo Lama: hojii araaraa kana Komishinii Mirgoota Namoomaa Itoophiyaa yookan Komishinii Marii Biyyoolessaa Itoophiyaatin raawwachiisuu**

Filannoon kun fooyya'iinsa seeraa barbaachisu gochuun akkasumas aangomsuudhan, adeemsa haqa yeroo ce'umsaa kana keessatti hojiilee araaraa akka raawwatuuf Komishinii Marii Biyyoolessa Itoophiyaatif yookan Komishinii Mirgoota Namoomaa Itoophiyaatif akka kennamu gochuu kan ilaallatuudha.

#### **Ciminoota**

- dhaabbilee amma jiran fayyadamuudhan qabeenya daanga'aa biyyattiin qabdu ni qusata;
- qeeqoonni irratti ka'an akkuma jiranitti ta'ee, bilisummaa fi walabummaa qabu waliin yoo ilaalame fudhatammummaa fooyya'aa ta'e qabaachuu mala.

### **Yaaddowwan**

- komishinichi itti gaafatammummaa olaanaa fi hojii bal'aan kan itti kenname waan ta'eef hojiilee araaraa kana haala milkaa'een raawwachuuf ni rakkata;
- aangon koomishinichi amma qabu hojii araaraa kan hin dabalanne waan ta'eef fooyya'iinsaa seeraa barbaada; kun ta'uuf ammoo yeroo fudhata;
- hojimaatichi aangoo komishiinii marii irraa adda ta'e kan kennuuf waan ta'eef muuxannoo idil-addunyaa waliin wal simachuu dhabuu mala;
- adeemsa haqa yeroo ce'umsaa kana keessatti araara adeemsawwan biroo waliin waloomsee hojjechuudhan wal qabatee qaawwi uumamuu mala.

## **2.6. Baraarsa**

### **2.6.1. Waliigala**

Baraarsi adeemsa haqa yeroo ce'umsaa keessatti akka fala ce'umsaa tokkootti fudhatama. Baraarsi nagaa buusuu, wal-dhabdee dabalataa hambisuu fi hawaasa yaaluu keessatti faayidaa jabaa qaba. Haa ta'uutii garuu, yeroo ammaa kanatti yaad-rimeen fudhatama ol'aanaa argate, baraarsi haalduree malee kennamu haqani akka jal'atu gochuu waan maluufi itti gaafatammummaan akka hin jiraanne gochuudhan wal dhabdee itti aanee dhufuuf ka'umsa waan ta'uuf fudhatama hin qabaatu kan jedhudha. Tumaaleen seera mirgoota dhala namaa idil-addunyaa fi biyya keenyaas baraarsan haalduree malee namoota sarbamotoo mirgoota dhala namaa gurguddoo ta'an raawwataniif kennamu dirqama kabajamuu mirgoota dhala namaa mirkaneessuu kan faallessu akka ta'e kaa'u.

Itoophiyaattis, adeemsa haqa yeroo ce'umsaa raawwatamuuf karoofamuun wal qabatee namoota sadarkaa adda addaatti badii raawwataniif baraarsan haalduree irratti hundaa'e akka kennamu kallattii kaa'uun barbaachisaadha. Baraarsa kennuuf haal-dureewwan barbaachisan ifatti kaa'un, yakkoota baraarsan kennamuufii qabu murteessun, sirna deemsa baraarsan itti kennamu tarreessun akkasumas adeemsi baraarsaa kennuu kana qaamolee fi ijaarsawwan bilisummaa fi walabummaadhan geggeessuu danda'an murteessun barbaachisaadha.



### **2.6.2. Haal-dureewwan baraarsaa maal fa'a ta'uu danda'u?**

Akka muuxannoo idil-addunyaa irraa hubachuun danda'amutti, baraarsaa kennuuf kanneen armaan gadii kunneen akka haaldureetti kaa'amu malu.

#### **Hirmaannaa balleessitootaa mirkaneessuu:-**

Adeemsi haqa yeroo ce'umsaa namoonni badii raawwatan adeemsicha keessatti akka hirmaataniifi tumsan taasisan kan gaafatu waan ta'eef, baraarsadhaan eegumsa seeraa argachuun isaanii adeemsicha keessatti qooda akka fudhataniif kan kakaasu ta'a. Sababa kanaafis, adeemsa himannaa, araaraa, beenyaa fi dhugaa barbaaduu keessatti hirmaachun isaanii akka haaldureetti kaa'amu danda'a.

#### **Dhugaa baasuu**

Utubaawwan haqa yeroo ce'umsaa keessaa tokko dhugaa waan ta'eef, baraarsan haaldureedhan kennamu dhugaa qulqulleessuu keessatti shoor ol'aana qabaata. Balleessitoonni/warri miidhan karroora yakkichaa, duursaa, kaayyoo fi haalli waliigala yakkichaa maal akka fakkaatu qaama isa ilaallatu duratti dhiyaachuun dhugaa dubbachuu fi miidhaa geessisan tarreessudhaan; gaabuu fi dhiifama gaafachuudhaan adeemsa dhugaa barbaaduu fi araaraa tumsuu qabu.

#### **Gaabuu fi dhiifama gaafachuu**

Hawaasni ce'umsa keessa jiruufi namoonni miidhan irra gahe badii irratti raawwatameef haqa argachuun cinaatti akka yakkichi irra hin deebi'amneef wabii barbaadu. Kanaafis, namoonni badicha geessisan gaabuu isaanii akka ibsan akkasumas dhiifama akka gaafatan taasisuutu barbaachisa.

#### **Tumsuu**

Warreen miidhan akka barbaachisummaa isaatti qaamolee haqaa biroo waliin tumsuudhan, sagantaawwan deebisanii ijaaruu keessatti hirmaachuu, adeemsaalee haqaa akkaataa aadatiin raawwataman keessatti qooda fudhachuu fi tumsuu, qabeenyoota seer-maleen argaman deebisuun, akaakudhaan akkasumas yookan bifa fakkeenyummaa qabuun hojii beenyaa irratti gumaacha gochuu fi hojiiwwan kanneen kana fakkaatan raawwachuu isaanii mirkaneessuutu barbaachisa.

### **2.6.3. Dhimmoota dhaabbileedhan wal qabatan: adeemsa baraarsa kennuu eenyutu raawwata?**

Haqa yeroo ce'umsaa keessatti adeemsi baraarsan itti kennamu, akkaatan raawwii fi qabiyyeen isaa akkuma murteessaa ta'e, seera qabeessummaa fi fudhatamummaan qaama baraarsaa kennuutis

baraarsaa kennamu milkeessuu keessatti gaheen isaa olaa'anadha. Akkaatuma kanaanins filannoolee armaan gaffii ilaalun ni danda'ama.

### **Filannoo Tokko: Koomishinii haarawa hundeessudhaan komishinichaan baraarsa kennuu**

Akka muuxannoo biyyoota biroo irraa argametti, adeemsa haqaa yeroo ce'umsaa keessatti baraarsan dhugaa barbaaduudhaan walitti hidhamuun kennamu kaayyoo isaa akka galmaan gahuuf akkasumaas hojiirra oolman isaa akka milkaa'uuf adeemsi baraarsaa kennuu Koomishinii Dhugaa fi Araaraa bilisaa fi walaba ta'ee hundaa'uun geggeessuun ni danda'ama. Adeemsa baraarsan itti kennamuun wal qabatee seera haqa yeroo ce'umsaa bulchu keessatti tumaalee barbaachisoon dabalammu qabu.

### **Ciminoota**

- kaayyon baraarsa kennuu dhugaa baasuu fi araara buusuu waan ta'eef, qaamni addaa hundaa'un adeemsa kana akka raawwatu gochuun daran bu'aa qabeessa akka ta'u godha;
- dhimmicha irratti ogeessota beekamoo ta'anii fi geggeessitoota qaama dhaabbatichaa taasisuun hojichi beekumsaan akka geggeeffamu taasisa;
- dhaabbileen kunneen bilisummaa fi walabummaa qabaniifi adeemsa hojii isaanii keessattis hawaasa kan hirmaachisan waan ta'uuf baraarsaan hawaasni itti amanee fi gara nagaa waaraatti ceesisuu malu akka kennamu taasisa;
- balleessitoonni adeemsicha amananii akka hirmaatan gochuudhan sirna ce'umsichaa si'ataa taasisa;
- sadarkaa yaa'insa haala hojiitti haal-dureewwan baraarsaa guutamuu isaanii, namootni baraarsaf kan malan ta'uu isaa mirkaneessuu, hirmaannaa fi dhagahamuu miidhamtootaa mirkaneessuu, erga baraarsan kennamee booda madaalliiwwan jiran guutamuu isaanii qulquleessuu fi itti fufiinsa baraarsaa kennamee mirkaneessudhaan walqabatee hojiilee jiran kan hammate waan ta'eef hojicha komishiinii dhimma qeenxee kanaaf hundaa'etti kennuun fudhatama qabaata.

### **Yaaddowwan**

- qabeenya murtaa'a biyyattiin qabdu waliin yoo ilaalamu baasii ol'aanaa kan gaafatudha;

- Komishinii haaraa dhaabuun kana dura yaalamee kan jiru waan ta'eef kaka'umsi siyaasaa isaa gadi bu'aa ta'uu mala;
- bal'ina kaartaa biyyattiin qabdu, gadi fageenya adeemsichaa fi daangaa yeroo koomishinichi qabatuu waliin yoo ilaalamu, dhaqqabummaan isaa rakkoo qabaachuu mala.

**Filannoo Lama: ijaarsa baraarsa kennuu amma jiru fooyyessuudhan adeemsa haqa ce'umsaa kanaaf fayyadamuun baraarsa kennuu**

Adeemsi kun Labsii Sirna Adeemsa Kenniinsaa fi Raawwii Baraarsa Lakk. 1089/2010 fooyyesudhaan akkasumas adeemsa haqa yeroo ce'umsaatif akkaataa mijatuun fooyyessudhaan, Ministeerri Haqaa, Boordiin Baraarsaa fi Muummichi Ministeeraa waliin ta'uun adeemsa ittiin qorataniifi murteessani dha.

**Ciminoota**

- dhaabbilee amma jiran fayyadamuudhan qabeenya murtaa'a biyyattiin qabdu ni qusata;
- hojimaata fi dandeetti dhaabbilee ni gabbisa.

**Yaaddowwan**

- hojimaatichi akkaataa haqa ce'umsaaf ta'uun kan hin bocamne waan ta'eef fooyya'iinsa barbaada;
- adeemsa walxaxaa haqa ce'umsaa keessatti baraarsa kennuun qabu hunda hordofuu fi hirmaachisummaa isaa mirkaneessudhaaf jaarriiyaa isa dandeessisu hin qabu;
- amanamummaa fi fudhatamummaan isaa gaafii keessa kan galedha;
- balleessitoonni adeemsicha amananii akka qooda fudhatan gochuuf hin dandeessisu.

**2.6.4. Akkaataa baraarsi bu'uura seeran itti kennamu**

Bu'uura heera Mootummaa Federaalaa Dimookiraatawaa Itoophiyaa keewwata 28, wal ta'iinsota idil-addunyaa Itoophiyaan ragaasiftee fi seerota Itoophiyaa kan birootin gochoonni yakka sanyii dhala namaarratti raawwataman jedhamanii murteeffaman<sup>4</sup>, murteewwaan qaama mootummaa kamiinuu baraarsan yookiin dhiifamaan kan bira darbamu akka hin taane tumamee jira. Haalli tumaa heerichaa adeemsa haqa ce'umsaa keessatti yakkoota hedduu baraarsan kennamuufii malu

---

<sup>4</sup> Fakkeenyaaf, yakka sanyii dhala namaa balleessuu, murtii malee tarkaanfii adaba du'aa fudhachuuu, dirqisiisanii nama dhoksuu, yookin gochoota farra namoomaa.

kan hammate waan ta'eef, baraarsan kennamu heera mootummaa kana kan hin faallessine ta'uu isaa mirkaneeffachuun barbaachisaadha.

Heera mootummaa federaalaa keewwata 28 jalatti yakkoota baraarsaaf hin malle jedhamuun tarreeffaman kunneen yakkoota qabiyyee yakkoota idil-addunyaa qabaniidha. Sadarkaa idil-addunyaattis yakkoota kanneenif baraarsaa kennuun, keessaayyuu baraarsaa haalduree irratti hin hundoofne kennuu irratti dhorkaawwan kaawwamanii jiru. Haa ta'u malee, dhoorkawwan kunneen kan isaan ilaalcha keessa galchan haala biyyoota yeroo idilee malee haala hawaasaa fi biyya yeroo ce'umsaa keessa jiruu miti. Sababa kanaafis, haqa yeroo ce'umsaa keessatti dirqamni biyyoonni yakkamaa himannaadhan seeratti dhiyeessuuf qaban, dirqama biyyootni rakkoo uumameef fala kennuu, badiiwwan maqsuu fi irra deebin akka hin raawwanne wabii kennuuf qaban akkaataa hin hanbisneen yookan hin danqineen kan hojiirra oolu ta'uu qaba.

Kanaan wal qabatee, Imaammanni Haqa Ce'umsaa Afrikaa ifatti akka kaa'etti, biyyoonni ce'umsa irra jiran kan dhoorkaman, baraarsa duuchaatti haal-duree malee kennamuu fi mirga haqa argachuu fi dhugaa baruu miidhamtootaa daangessan qofa hin kennine qofa ta'uun isaa beekamuu qaba. Kan kanarraa hafe, baraarsi haal-duree irratti hundaa'e, fedhii miidhamtootaa ilaalcha keessa galche akkasumas dhugaa, araaraa fi haqa mirkaneessuuf gargaaru akka filannoo haqa ce'umsaa tokkootti kan beekamtii argatedha.

Kanaafis, sababa qabiyyeen waliigalaa dhoorkaa heera mootummaatin kaa'ames ta'ee seerota idil-addunyaa, banaa xiqqoo kan dhiisee fi jijjiirrama kan eeyyamuudha. Sirna baraarsi haalduree irratti hundaa'e, mirga beenyaa argachuu fi dhugaa baruu miidhamaa kabaje, ittiin kennamu biyyoonni diriirfachuu ni danda'u.

Kana irraa ka'uun, seerri idila addunyaas ta'ee Imaammatni Haqa Ce'umsaa Afrikaa baraarsa haaldureedhaan knnamu kan hin balaaleffanneefi adeemsa haqa ce'umsaa keessatti akka filannoo tokkootti kan kaa'an waan ta'eef, qabiyyee tumaa heera motummaa keewwata 28tis kana waliin wal-simsiisuun hubachuun barbaachisaa ta'a.

## **2.7. Beenyaa**

### **2.7.1. Waliigala**

Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti beenyaan, sarbamiinsa mirgootaa yookan mancaatii qabeenyaa dhaqqabeef kanfaltii maallaqaa madaalawaa ta'e yookan akaakudhaan kennamuu fi karaalee ittiin

haaromsanii fi deebisanii dhaaban/ijaaran kan of keessatti hammatedha. Kaayyoon haqa beenyaa miidhama miidhamtoota fayyisuu fi amala balleessitootaa sirreessudha.

Guutumaa guututti akkaataa jechuun danda'amuun, yaaliwwan adeemsa haqa ce'umsaa biyya keenya keessatti taasifaman mirga beenyaa miidhamtoota sarbiinsa mirgoota namoomaa akkaataa hammateen kan hin diriirre waan ta'eef hawaasaa fi miidhamtoota biratti miira haqni dabeera jedhu uumera. Adeemsa haqa ce'umsaa fudhatama qabu taasisuuf, beenyaa bal'isanii ilaaluun akkasumas xiyyeeffannoo barbaachisu kennuudhan, imaammata baasuu, maallaqa barbaaduu fi ramaduudhan sirna beenyaa si'ataa, gahaa fi bu'aa qabeessa ta'e ijaaruu barbaachisa.

### **2.7.2. Adeemsa beenyaa keessatti gosoota beenyaa akkamiitu raawwatamuu danda'a?**

#### **Haala/Iddoo dura turetti deebisuu**

Adeemsi inni kun miidhamtoota haala sarbamiinsa mirga namoomaa olaanaan irratti raawwatamuun dura turaniitti deebisuu kan kaayyeeffatedha. Adeemsi kun namoota iddoo irraa buqqa'anitti deebisuu, caarraa hojii dhaban yookan qabeenya bade yookan fudhatame akkasumas qabiyyee/abbaa qabeenyummaa deebisuu dabalata. Adeemsi kun hojii mootummaan dirqama idilee isaa bahachuuf godhu malee hojii dabalataa fi baasii dabalataa barbaadu ta'ee fudhatamuu hin qabu.

#### **Beenyaa Maallaqaa/Akaakuu**

Adeemsi kun beenyaa maallaqaa yookan akaakuu sarbamiinsa mirgaa fi miidhaa irra gaheetif miidhamtootaf kennamu dabalata. Inni kunis, qabeenya manca'e deebisanii ijaaruu, carraa hojii uumuu, sooramaa fi beenyaa kanfalu dabalata. Baajanni mootummaan ramadu akkuma jirutti ta'ee, gama kanaan caalatti kan gorfamu namootni badicha raawwatanii fi haala ture irraa fayyadaman beenyaa kanfalu fi deebisanii dhaabuu irratti qooda isaani akka bahan gochuudha.

#### **Beenyaa waloo**

Beenyaan waloo lafa waloo hawaasichaa yookan waliinii deebisuu, bu'uraalee misoomaa kanneen akka fayyaa, barnoota, nagaa fi haqaa akkasumas kanneen biroo deebisanii ijaaruu, haala fedhii fi faayidaa dargaggootaa fi daa'immaanii giddu galeeffateen bu'uraalee jireenya guyya guyyaa hawaasaa deebisanii dhaabuu akkasumas bifa maallaqaa yookan tajaajilaatin hawaasaf beenyaa kennuu of keessatti hammata.

## **Yaadannoo**

Adeemsi kun gochoota yaadannoof ta'u raawwachuu, siidaa fi mallattoowwan dhaabuu, iddoo walga'a uummataa fi gamoowwan irra deebiin moggaasuu, aartii akkasumas ibsituuwwan aadaa, asxaawwan biyyoolessaa, fi ayyaanawwan uummataa keessa deebin sakatta'uu, fi/yookan kitaabilee seenaa fi sirna barnootaa fooyyessuu dabalachuu danda'a.

## **Gara gahiinsa (Satisfaction)**

Hojiin kun, miidhamtoonni fi maatin miidhamtootaa du'a, hiraarsa yookan miidhaa irra gaheef ragaa dhugaa baasuu, midhaa dhaqqabeef beekamtii uummataa kennuu, badii raawwatameef dhiifama gaafachuu fi yaadannoo badii kanaaf taasifamuuf deeggarsa gochuu dabalatee, gochaalee akaakuu hin taane kan beenyadhaan walqabatan hunda kan dabalatudha.

## **Dandamachiisuu**

Dandamachiisuun tajaajila yaalaa, xiin-sammuu fi kanneen kana fakkaatan akkasumas deeggarsa miidhamaa irratti xiyyeeffate dabalatee tajaajiloota bu'uura xiyyeeffannoo dhiyeessuu hammata.

## **Akka Irra Hin Deebi'amne Gochuu**

Sarbiinsi mirgoota namoomaa walfakkaatanii fi miidhaawwan biroo ittisuu fi akka irra hin deebi'amne wabii kennuu akka dandeessisuuf, seerota sarbiinsi akka rawwatamu dandeessisan akkasumas dhaabbilee haala gaaridhaan jijjiiruu, tooftaalee ittiin duursanii waldhabdee xinxalan/raagan, ittisanii fi too'atan dagaagsuu fi sarbiinsonni akka irra hin deebi'amne gochuuf tooftaalee fayyadan hojiirra oolchuu dabalata.

### **2.7.3. Hojiilee ijoo sirna beenyaa ijaaruuf hojjetamuu qaban**

#### **Sirna beenyatiin walqabatee bu'urri seeraa akka jiraatu gochuu**

Biyya keenya keessatti bu'urri seeraa beenyan miidhamtoota sarbamiinsa namoomaa olaano ta'aniif itti kennamu jiraachuu qaba. Bu'uura seeratiin, amalaa fi qabiyyee sirna beenyaa, haala kaffaltii beenyaa akkasumas hiikoo miidhamtootaa fi dhimmoota kanaan wal qabatan irratti tumalee seeraa kaa'udhaan mootummaan dirqama fudhatee akka kutannoon hojjetu gochuun barbaachisadha.

#### **Miidhamtoota dhuunfaa beenyan kennamuuf adda baasuu**

Adeemsa beenyaa raawwachiisuu keessatti beenyaan eenyuuf akka kanfalamu adda baasun qabxii ijoodha. Kunis, adeemsa haqa ce'umsaa keessatti miidhamaan eenyu yookan eenyufa'adha kan jedhu adda baasuu kan dabalatudha. Miidhamtoota hundaaf adeemsa itti beenyaan kanfalamu

ijaaruun kan hin danda'amne waan ta'eef, sakatta'a sirrii gochuun miidhamtoota beenyaan maluuf adda baasun barbaachisaadha.

### **Sirna beenyaatiin karaa balleessitoonni itti gaafatamummaa ittiin fudhatan adda baasuu**

Muuxannoo sirna beenyaa haqa ce'umsaa milkaa'ina qabu irraa argame fakkeenya godhachuudhan, balleessitoonni itti gaafatamummaan qaban badii raawwataniif dhugaa baasuu fi dhiifama gaafachuu qofa osoo hin taane akkataadhuma balleessaa isaanitiin badii rawwaataniif akka beenyaa kanfalaniifi kan balleessan akka sirreessan akkasumas akka isaan beenyaa kanfalan kan taasisu sirna itti gaafatamummaa mirkaneessu diriirsanii hojiirra oolchuun ni barbaachisa.

### **Natoo/Fandii miidhamtootaa hundeessuu**

Biyyoota akka Itoophiyaa qabeenya murtaa'e qaban keessatti miidhamtoota sarbamiinsi namoomaa irra gaheef akkaataa tumaaleen mirga namoomaa idil-addunyaa kaa'aniin beenyaa kaffaluu fi akkaataa walfakkaataa fi gahaa ta'een deebisanii dhaabuf kan dandandeessisu natoo/fandii miidhamtootaa hundeessuun qabeenyaa walitti qabuu fi ramaduuf adeemsa barbaachisaa akka ta'e mul'ateera. Kana waan ta'eef, bu'ura tumaalee seeraa armaan oliitin qaama sirrii ta'eef aangoo fi itti gaafatamummaa kennuudhan fandii akkanaa hundeessun barbaachisaadha. Fandichi kan hundaa'u bu'uura seeratiin waan ta'eef, qabxii armaan olitti sirna beenyaa diriirsuf seeran deeggaruun barbaachisaadha jedhu waliin wal qabsiisun seera tokko baasun ni danda'ama.

#### **2.7.4. Dhimmoota dhaabbileedhan wal qabatan: adeemsa beenyaa eenyutu geggeessa?**

Adeemsa beenyaa abbummaadhan kan gaggeessu yookan qindeessu eenyu ta'uu qaba? Beenyaan akkamitti akkasumas eenyuun kennama kan jedhuun walqabatee dhaabbilee armaan gadii akka filannootti ilaaluun ni danda'ama.

### **Filannoo Tokko: Komishinii haarawa hundaa'un raawwachiisuu**

Akka muuxannoo biyyoota biroo irraa argametti, aangoon fi ittigaafatamummaan adeemsa haqa ce'umsaa keessatti sirna beenyaa abbummaadhan hogganuu, qindeessuu, beenyan eenyuufi akkamiin akka kanfalamu adda baasu akkasumas tooftalee beenyaa waliinii irratti kallattii kaa'u, Komishinii Dhugaa fi Araaraa bilisaa fi walaba ta'ee hundaa'uf kennama. Itoophiyaatti, filannoon inni tokko aangoo kana Koomishinii Dhugaa fi Araaraa bilisaa fi walaba ta'ee hundaa'uf kennuudha. Komishinichis, natoo/fandii miidhamtootaa dhimmuma kanaaf hundaa'u akka fayyadamuu danda'uuf bu'uura seeraa akka qabaatu ta'a.

### **Ciminaoota**

- hojiin beenyaa miidhamtootaa bu'a qabeessa ta'e bocuu wal-xaxaa, karoora bal'aa fi qindeessuu kan gaafatu waan ta'eef kana raawwachiisuuf koomishinii of danda'e hundeessuun hojiitti galuun hojicha caalmaatti bu'aa qabeessa taasisa;
- Komishinichi wayita hojiiwwan biroo hojjetutti eenyummaa fi haala miidhamtootaa fi balleessitootaa adda baaseefi galmeessee kan kaa'u waan ta'eef odeffannoowwan kunneen miidhamtoota beenyan kennamuufi qabu, gosaa fi hanga beenyaa kennamuu qabuu akkasumas sadarkaa hirmaannaa balleessitootaa murteessuuf waan dandeessisuuf caalmatti bu'aa qabeessa isa taasisa;
- dhaabbileen kunneen walabummaa fi bilisummaa hojii qaban cinaatti adeemsa hojii isaanii keessatti hawaasa kan hirmaachisan waan ta'aniif amanamummaan isaa olaanaa ta'a.

### **Yaaddowwan**

- aabeenya murtaa'a biyyattiin qabdu waliin yoo ilaalamu baasii ol'aanaa kan gaafatudha;
- Komishinii haaraa dhaabun kana dura yaalamee kan jiru waan ta'eef kaka'umsi siyaasaa isaa gadi bu'aa ta'uu mala;
- bal'ina kaartaa biyyattiin qabdu, gadi fageenya adeemsichaa fi daangaa yeroo koomishinichi qabaatu waliin yoo ilaalamu, rakkoon dhaqqabummaa jiraachuu danda'a;
- dandeettii fi humni beenyaa bulchuu/raawwachiisuu (fakkeenyaaf, hanga beenyaa kanfalamuu murteessuu) beenyan barbaadu adda waan ta'eef caaseffama komishinicha hojiilee kanneen raawwachuuf dandeessisu murteessun rakkisaa ta'uu mala;
- barbaachisummaa inni biyyattii keessatti qabu irraa ka'uun, aangoo dhimma beenyaan wal qabatu komishiinii yeroodhan daanga'eef kennuun itti fufiinsa akka hin qabaanne taasisa.

**Filannoo Lama:** dhimma beenyaa dhuunfaa sirna seera idileetin manneen murtiitti akka ilaalamu taasisuun, dhimma beenyaa waliinii irratti fooyya'iinsa seera barbaachisa gochuudhan hojii sirna beenyaa kana Komishiinii Marii Biyyoolessaatin yookan Komishinii Mirgoota Namoomaa Itoophiyaatin akka raawwatamu taasisuudha.

### **Ciminoota**

- dhaabbilee amma jiruun fayyadamuun qabeenya murtaa'aa biyyattiin qabdu ni qusata;
- humna dhaabbilee ni ijaara akkasumas itti fufiinsa akka qabaatu taasisa;



- bu'uura seera hariiroo hawaasaatiin namoota sarbiinsa mirga namoomaa raawwatan irratti itti gaafatamummaan dhuunfaa akka jiraatu taasisuun itti gaafatamummaa dhuunfaa/qeenxee caalmatti mirkaneessa.

### **Yaaddowwan**

- dhaabbileen kunneen adeemsa haqa ce'umsaa kana keessatti sirna beenyaa wal xaxaa ta'e hojiirra oolchudhaaf humna hin qaban;
- sirna beenyaa kana tooftaalee biroo adeemsa haqa ce'umsaa keessatti hojiirraa oolan waliin qindeessuun rakkisaa isa taasisa;
- mirga beenyaa argachuu miidhamtootaa dhuunfaa seeroota idileetin akka ilaalamu taasisuun yeroo idileetti illee rakkisaa waan ta'eef bu'aa qabeessa ta'uu dhiisuu danda'a;
- dhaabileen lachuu itti gaafatamummaa olaanaa fi hojii hammaan bal'aa ta'e kan qaban waan ta'eef haala kana keessatti sirna beenyaa milkaa'inaan raawwachuu dhiisuu danda'u;
- dhimmoonni hundi adeemsa mana murtii idilee keessa darbuu dhiisuu waan malaniif miidhamtoota gidduuttii garaagarummaan akka jiraatu taasisa

## **2.8. Haaromsa Dhaabbilee**

### **2.8.1. Waliigala**

Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti biyyi takka walitti bu'iinsa, waraana yookan hacuuccaa irraa erga baatee booda namoota sarbiinsa mirga namoomaa guddaa raawwatan jedhamuun amanaman gita hojii itti gaafatamummaatin uummata akka tajaajilan gochuun adeemsa araaraa fi nagaa buusuuf taasifamu irratti gufuu uuma. Sababa kanaafis, imaammataa fi tarsiimoo barbaachisu bocuudhan geggeessitootaa fi hojjetoota gochaa akkanaa irratti hirmaatanii turan adda baasuu, qulqulleessuu fi hojiirraa geggeessuu, yookan akka barbaachisummaa isaatti gita hojii biraa irratti akka hojjetan taasisuun fooyya'iinsa dhaabbilee gochuutu barbaachisa. Kunis, dhaabbilee kanneen akkaataa barbaachisuun jijjiiruu fi amanamummaa, fudhatamaa fi hojimaata dhaabbilee kanneenii geeddaruun haaromsi itti fufaa ta'e akka jiraatu taasisa.

Itoophiyaatti jijjiirama mootummaa bara 2010tti taasifamee booda dhaabbilee fi namoonni itti fufan baay'inaan kan jijjiiramicha dura turanidha. Kanaafis, adeemsi haqa ce'umsaa karoofame

namoota sarbiinsa mirgoota namoomaa guddaa raawwatan yookan yeroo sarbiinsi kun raawwatu karaa kamiinuu hirmaannaa taasisan haala wal fakkaatadhaan akka itti hin fufne gochuu barbaachisa. Akkasumas haqni ce'umsaa milkaa'ina qabu akka jiraatuufi sarbamoonna raawwataman akka irra hin deebi'amneef haaromsa dhaabbilee akka fala haqa yeroo ce'umsaa tokkootti hojiirra oolchun barbaachisaadha.

### **2.8.2. Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti hojiin haaromsa dhaabbilee maal fa'a of keessatti qabachuu danda'a?**

#### **Adda baasuu fi qulqulleessuu**

Hojiin kun haaromsa dhaabbilee keessatti dhaabbilee, kutaalee hojii fi namoota xiyyeeffannoon kennamuuf haalan adda baasudhaan adeemsa aanga'oota mootummaa, hoggantootaa fi hojjetoota sarbiinsa namoomaa cimaa raawwataa fi raawwachiisaa turan adda baasuu fi qulqulleessuu dabalata. Adeemsi akkanaa kun akka feete fi seer-maleessa akka hin taanef ulaagaalee adeemsa haqaa fi seerota mirga namoomaa idil-addunyaatin kaa'aman akkaataa kabajee fi guuten raawwatamuu qaba.

#### **Hojii fi itti gaafatamummaa irraa ittisuu**

Adeemsi kun namoota sarbamoota mirgoota namoomaa guddaaf gahee qabu jedhamanii adda baafaman, adeemsa qulqulleessuu barbaachisuun adda baasudhaan hojii fi aangoo/itti gaafatamummaa irraa ittisuu kan hammatudha. Tarkaanfin kun gama tokkoon carraa balleessanii bilisa ta'uu dhiphisuuf adeemsa hojiirra oolu yoo ta'u, gama birootin aanga'oota fi hojjetoota mootummaa balleessarratti bobba'an hojii fi waajjirarraa ittisuun nama miidhe fuulduratti hojii isaa hojjechaa akka itti hin fufne gochuudhan adeemsa akka tooftaa beenyaa tokkootti araaraa fi nagaadhaf gumaacha guddaa godhudha.

#### **Jijjiirrama seeraa fi hojimaataa**

Kaayyoon seeraa fi hojimaata jijjiiruu dhaabbileen hunduu jijjiirama seeraa fi humna namaa barbaachisu hojiirra oolchudhaan seeraa fi hojimaata mirga lammiilee kabajuu fi kabachiisuu danda'u uumudha.

### **2.8.3. Dhimmoota dhaabbiilee: hojiilen fooyya'iinsa dhaabbilee eenyuun raawwatamu?**

Hojiileen adda baasuu, qulqulleessuu fi hojiirraa ittisuu hojii of-eeggannoo olaanadhan hojjetamuu qabudha. Hojiileen kunneen dogongoraan hojjetamanii haqni dabuudhan namoonni akka hin miidhamneef, ulaa tarkaanfii fudhatameen dhufuun hojii mootummaa irratti hanqinni uumamee

tajaajilli ummataa akka hin gufanne, akkasumas adeemsi hojiirraa ittisuu kun jeequmsaaf ka'umsa akka hin taane ofeeggannoo fi xiyyeeffannoodhan sadarkaa sadarkaadhan raawwatamuu qaba. Gama kanaanis filannoolee lama ilaalun ni danda'ama.

**Filannoo Tokko: qaama walabaa fi bilisa ta'ee hojiilee fooyya'iinsa dhaabbilee, balleessaa adda baasuu fi hojiirraa ittisuu hojjechuu danda'u hundeessuun**

Filannoon kun kan mootummaan adeemsa ifa ta'e kaa'udhaan hojii adda baasuu, qulqulleessuu fi hojiirraa ittisuu kana akka hojjetuuf sadarkaa komishinii/komitee yookan waajjiraatti hundeessudha.

**Ciminoota**

- adeemsi adda baasuu fi qulqulleessuu kun bilisummaa fi walabummaadhan akka hojjetamu carraa bal'isa, fudhatama isaas ni dabala;
- giddu lixummaa siyaasaa fi al-idilee gosaa fi sabaan godhamu ittisuu ni dandeessisa;
- adeemsota haqa ce'umsaa biroo waliin hariiroo jiru cimisa.

**Yaaddowwan**

- qabeenya murtaa'a biyyattiin qabdu waliin yoo ilaalamu qaama biraa hundeessun baasii ol'aanaa kan gaafatudha;
- qabatama biyya keenyaa waliin yoo ilaallu, haalli siyaasaa hojii adda baasuu fi qulqulleessuu kana milkeessuf dandeessisu jiraachuu dhiisuu mala;

**Filannoo Lama: Dhaabbilee hunda keessatti garee itti gaafatamummaa adda baasuu, qulqulleessuu fi hojiirraa ittisuu qaban bu'ureessudhaan hojiilee kanneen hojjechuu**

Filannoon kun, mootummaan hojiilee adda baasuu, qulqulleessuu fi hojiirraa ittisuu kanneen adeemsa ittiin geggeeffaman qajeelfamaa fi adeemsa ifa ta'e qopheessudhaan, fooyya'iinsa dhaabbilee fiduudhaf gareewwan sadarkaa sadarkaadhan bilisaa fi walaba ta'anii hundeeffamaniin akka raawwatamu adeemsa taasisudha.

**Ciminoota**

- dhaabbilee amma jirun fayyadamuun qabeenya murtaa'aa biyyattiin qabdu qusata;
- humna dhaabbilee ni ijaarun itti fufiinsa akka qabaatu taasisa;
- dhaabbileen abbummaadhan akka geggeeffaman, mul'ina siyaasaa barbaachisu akka qabaatan, fi yaaddowwan dhufan yoo jiraatan itti dhiyeenyan baramanii akka fala argatan taasisa.

## **Yaaddowwan**

- carraa adeemsichi qaama bilisaa fi walaba ta'een geggeeffamuuf qabu dhiphisuun fudhatamummaa isaarratti qormaata dabala;
- adeemsa haqa ce'umsaa keessaatti sadarkaa idil addunyaatti barbaadamuun safartuuwwan jiran fayyadamuun hojicha hojjechuuf humni dandeessisu akkasumas fedhiin jiraachuu dhiisuu danda'a;
- adda baasuu fi hojiirraa ittisuu isa sirrii caalaa qaawwa akkasumas walitti bu'iinsa uumamuu malu ittisuuf jecha murteen siyaasa bu'ureeffate heddummaachuu mala.

## **2.9. Dhimmoota Murtee Barbaadan**

Imaammataa fi adeemsa haqa ce'umsaa Itoophiyaatti yaadamaa jiru kanaaf, dhimmoota maloota armaan olitti tarreeffamanirratti ka'anirratti dabalataan dhimmoonni biroo kallattii fi murtoo barbaadan ni jiru. Isaanis, kanneen armaan gadii dabalatu.

### **2.9.1. Adeemsi haqa ce'umsaa kun yeroo kam irraa haa eegaluu?**

Muuxannoon barbaachisaan adeemsa haqa ce'umsaa milkaa'a irraa argamu tokko, adeemsicha keessatti ka'umsaa fi xumura yeroo haqa ce'umsaa keessatti hammatamu murteessudha. Ka'umsi yeroo adeemsicha garmalee kan fagaate yoo ta'e, qabiyyeen isaa akka bal'atu gochuudhan ragoonni namaa fi sanadaa osoo hin argamin eegalamuun hojichi akka hin milkoofne taasisa. Gama biraatin immoo yeroo garmalee dhiyaate qabaachuun yeroo sarbamiinsi mirga namoomaa cimaan keessatti raawwataman kan hin dabalanne yoo ta'e, galma yaadame milkeessuu hin danda'u. Kanaafis, adeemsa haqa ce'umsaa biyya keenyatti yaadamee jiru kana irratti, haala qabatama biyyaa ilaalcha keessa galchuudhan daangaa yeroo adeemsichi hammatu murteessuu barbaachisa.

Xumura yeroo haqa ce'umsaa ilaalchisee, filannoon jiru yeroo hanga imaammatichi ragga'ee hojiitti galutti jiru hunda akka hammatu taasisuudha. Kutaa tokkoffaa sanada kanaa keessatti, jijjiirama boodas walitti bu'iinsaa fi waraana waliin waliinii babal'atee itti fufe keessatti sarbiinsi mirgoota namoomaa kan jiruu fi adeemsonni haqa ce'umsaa jijjiiramicha booda yaalamanis bu'aa qabeessa osoo hin taane hafuun ibsameera. Sababa kanaafis, adeemsi haqa ce'umsaa galma isaa milkeessu akka jiraatu yoo barbaadame ka'umsa yeroo haqa ce'umsaatin walqabatee filannoowwan armaan gadii ilaalamuu danda'u.

### **Yeroo bara 1983 dura jiru**

Seenaa biyya keenyaa keessatti, sarbamooni hedduu fi bal'aan yeroo adda addaatti raawwatamanii haala haqa ce'umsaa keessatti dhiifama, dhugaa baasuu fi baraarsan isaanif mala jedhamanii yaadaman akka jiran beekamaadha. Namoonni tokko tokko yeroon kun duubatti fagaatee yeroo sirna mootummaa Atsee Minilik 2<sup>ffaa</sup> irraa eegaluu qaba yoo jedhan, kaan yeroo Atsee Haayila Sillaasee, kaan ammoo yeroo Warraaqsa bara 1966 irraa eegaluu qaba jedhu. Adeemsi haqa ce'umsaa, yeroowwan kanneen keessaa tokko filachuun achii akka eegalamu taasifama.

### **Ciminoota**

- hubannaa seenaa dogongoraa fi sarbiinsota garaa garaa bubbulaniifi lafarra harkifamaa yeroo dheeraa lakkoofsisan hundee irraa furuuf, dhiifamaa fi araaran gara fuulduraatti adeemuf akka danda'amu daangaa yeroo bal'aa ta'e kenna.

### **Yaaddoowwan**

- taatewwan turan kunneen yeroo dheeraa lakkoofsisuu isaanii irraa kan ka'e miidhamtootaa fi ragoota argachuun rakkisaa ta'a;
- hubannoowwan seenaa fi yaadannoowwan jallifamuu fi dogongoramuu malu;
- haala amma irra jirruun wal qabatee dhimmoota barbaachisoo ta'aniif xiyyeeffannoo akka hin kennine gochuudhan adeemsichi bu'aa qabeessa akkan taane taasisa;
- adeemsa dheeraa deemuu waan gaafatuuf yeroo gabaabaatti xummuruun ni cima;
- seenaa fi dhimmoota duraan turan irratti haala salphaa ta'een waliigalteerra gahuun rakkisaa ta'a;
- sarbamioonni seenaa fi dhimmoonni yeroo dheeraaf raawwataman adeemsa haqa ce'umsaa caalaa haala marii biyyaalessaa keessatti osoo ilaalamanii bu'aa gaarii argamsiisu danda'u.

### **Yeroo Bara 1983 irraa eegalee jiru**

Filannoon kun adeemsa haqa ce'umsaa kana yeroo itti mootummaan AWDUI finfinnee too'ate, Caamsaa 20 bara 1983, irraa eegalee akka ta'u taasisa. Keessayyuu, yeroon kun yeroo Chaartarri mirgoota dhala namoomaa hammatee itti wixineeffamee fi seenaa siyaasa Itoophiyaa keessatti boqonnaan haarofti itti eegalame waan ta'eef yeroo sirrii ta'uu danda'a. Filannoon kun ciminaa fi yaaddoowwan armaan gadii qabaata.

### **Ciminoota**

- adeemsichi haqa ce'umsaa yeroo giddu galeessaa akka qabaatu fi tarkaanfiiwwan yeroo ce'umsaa keessatti fudhataman, kanneen taateewwan seenaa fi sarbamoota itti fufafaniif ka'umsa ta'an, akka hammatu ni hayyama;
- odeeffannoowwan fi ragaalee argachuuf salphaadh;
- yeroo gabaabaatti akka xumuramu taasisa.

### **Yaaddoowwan**

- garee yookan kutaa hawaasa murtaa'e irratti qofa kan xiyyeeffate fakkeessuu danda'a; Kuni ammoo komii kaasa;
- sarbiinsota yeroo mootummaa ce'umsaa sana keessa raawwataman akka hammatu taasisuudhan bakka nagaa fi waliigalteen hin jirreefi heerichi raggaasifamee dirqamoonni ifa ta'an hin kaa'amne keessatti adeemsi haqa ce'umsaa akka eegalu taasisuun gaaffii kaasisa.

### **Yeroo bara 1987 irraa eegalee jiru**

Yeroon kun barri mootummaa ce'umsaa xumuramee, yeroo itti heerri biyyattii bulchu ragga'ee, akkasumas akka heera mootummaa keewwata 9(2)tti dirqamni mootummaa mirgoota namooma fi heericha kabajuu, kabachiisuu fi guutuu ifatti tumame waan ta'eef sirrii ta'uu mala. Filannoon kun ciminoota fi hanqinoota armaan gadii qaba.

### **Ciminoota**

- yeroo itti dirqamni mirgoota namoomaa kabajuu, kabachiisuu fi guutuu akka dirqama mootummaatti itti tumame irraa akka eegalu gochuun sarbiinsota turan adabsiisuuf bu'uura seeraa jabaa ta'e akka qabaatu taasisa;
- yeroo itti gaafatamummaan dhaabbilee, hoggansaa fi ogeeyyotaa ifatti adda ba'etti waan ta'eef itti gaafatamummaa mirkaneessun salphaadha;
- odeeffannoowwan fi ragaalee walitti qabuun salphaadha;
- adeemsichi yeroo gabaabaatti akka xumuramu taasisa.

### **Yaaddowwan**

- garee yookan kutaa hawaasa murtaa'e qofa irratti kan xiyyeeffatedha komii jedhu kaasisuu danda'a;

- heericha duras ta'ee booda mootummaa kan ture AWDUI ta'ee osoo jiruu, yeroo ce'umsaa sana keessa oolchuu dhiisuun miira haqa dhabuu miidhamtoota irratti uumun fudhatama adeemsa kanaa irratti gaaffii kaasa.

### **Yeroo bara 2010 irraa eegalee jiru**

jijjiiramni siyaasaa Bitootessa bara 2010 keessa dhufe yeroo itti boqonnaan haaraan biroo eegalame, mootummaan haarofti aangoo fudhatee sarbamoota mirgoota namoomaa ifatti amanuudhan kanas fooyyessuuf waadaa seene, fi hojiileen gara dimokiraasiitti ce'uu dandeessisan jalqabaman waan ta'eef sirrii ta'uu danda'a. Filannoon kun ciminoota fi yaaddowwan armaan gadii qaba.

### **Ciminoota**

- adeemsa ce'umsa haqaa kanaaf turtii yeroo daanga'ee qofa waan kennuuf adeemsicha si'ataa fi saffisaa taasisa;
- odeeffannoowwan fi ragaalee walitti qabuuf salphaadha;
- carraan adeemsicha yeroo gabaabaatti xumuruu bal'aadha.

### **Yaaddowwan**

- sarbiinsonni hedduun lafarra harkifachaa kan as gahan ta'ee osoo jiruu adeemsi haqa ce'umsaa yeroo baay'ee murtaa'e akka qabaatu gochuun miira haqa dhabuu guddaa miidhamtoota biratti akka uumamu fi akkasumas kaayyoowwan adeemsa haqa ce'umsaa baay'inaan akka hin milkoofne taasisa;
- ka'umsa seenaa rakkoowwanii gara duubatti ilaaludhaan rakkicha hundeerraaa buqqisuuf hin dandeessisu;
- adeemsichi garee yookan kutaalee hawaasaa muraasa qofa irratti kan xiyyeeffate isa fakkeessa; kunimmoo komii kaasa.

### **Himannaa seeratiif bara 1987 irraa eegalee, dhimmoota araaraa fi beenyatiif ammoo yeroo odeeffannoo fi ragaan argame irraa eegalee**

Himannaan wal qabatee, yakkoota idil-addunyaa ta'an malee kuun darbiinsa yeroo qabu. Darbiinsi yeroo inni guddaan waggaa 25 yoo ta'u, turtiin yeroo bara 1987 irraa eegalee jiru waggaa 25nii ol waan ta'uuf dhimmi yakkichaa darbiinsa yerootin kan daanga'u ta'a. Kanaaf, dhimma yakkaa ilaalchisee yeroo kana irraa eegalee osoo ta'ee fi dhimmoota araaraa fi meeshaalee haqa ce'umsaa kan birootin wal qabatee sadarkaa jalqabaatti filannoowwan dhiyaatan ilaalcha keessa

galchuudhan yeroo ka'umsaa murteessun barbaachisaa ta'us, araaraf barbaachisaa hanga ta'eefi ragaan hanga argamuu danda'etti, hangamuu gara booddeetti deebi'uun dhimmicha ilaalun ni danda'ama.

### **Ciminoota**

- yeroo dirqamni mootummaan mirgoota namoomaa kabaju, kabachiisuu fi guutu itti tumame irraa akka eegaluu taasisuun sarbiinsota turan adabsiisuuf bu'uura seeraa cimaa kenna;
- yeroo ittigaafatamummaan dhaabbiilee, hoggansaa fi ogeeyyotaa ifatti adda ba'etti waan ta'eef itti gaafatamummaa mirkaneessun salphaadha;
- odeeffannoowwan fi ragaalee walitti qabuuf salphaadha;
- dhimmoota yakkaan ala jiran hanga ragaan argametti gara booddee deebi'uun dhimmootni furmaata akka argatan dandeessisa.

### **Yaaddoowwan**

- himannaa fi meeshaalee haqa ce'umsaa biroo gidduutti garaagarummaa waan uumuf miira loogii uumuu danda'a;
- adeemsichi garee yookan kutaalee hawaasaa muraasa qofa irratti kan xiyyeeffatedha komii jedhu kaasa;
- heericha duras ta'ee booda mootummaa kan ture AWDUI ta'ee osoo jiruu, yeroo ce'umsaa sana keessa oolchuu dhiisuun miira haqa dhabuu miidhamtoota irratti uumun fudhatama adeemsa kanaa irratti gaaffii kaasa.

### **2.9.2. Gahee Nannoleen/Bulchiinsi Magaalotaa haqa ce'umsaa keessatti qaban**

Biyyoota sirna federaalaa hordofan keessatti, dhimmoonni biyyoolessaa too'annaa, dursummaa fi qindeessummaa giddu galeessaa barbaadan kan akka haqa ce'umsaa ilaalchisee, imaammata baasuu fi raawwachuun aangoo mootummaa federaalaatiif kennamanidha.

Itoophiyaatti adeemsi haqa ce'umsaa yaadamaa jiru sadarkaa guutuu biyyaatti kan raawwatamudha. Kanaafuu, hojiilee fi sochiiwwan haqa ce'umsaa waliigalaa guutuu biyyattii keessatti bifa qindaa'en raawwachuun hoggansa giddu galeessaa waan barbaaduuf, itti gaafatamummaa mootummaa federaalaaf kennuun sirrii ta'a. Ija seerota tokkoon tokkoon isaanin yoo ilaallames, fakkeenyaaf, sarbamni mirga namoomaa ciccimoon himannaa yakkaa adeemsa



haqa ce'umsaa keessatti akka hammatamanitti fudhataman irra caalaan isaanii aangoo mootummaa federaalaa jalatti kufu.

Akka qabatamaan muuxannoo biyyoota biroo irra mul'atutti, biyyoota sabootni hedduu fi wal qoqqooddaan keessa jiru keessatti adeemsi haqa ce'umsaa balaa butamuu fi walitti bu'iinsota sabummaa bu'ureeffataniif ka'umsa ta'uu danda'u. Kana ittisuuf filannoon guddaan jiru tokko adeemsa haqa ce'umsaa kana mootummaa giddu-galeessaa/federaalaatin akka geggeeffamu taasisuudha.

Kun akkuma eegametti ta'ee, adeemsa haqa ce'umsaa kana keessatti gahee fi gumaachi naannolee fi bulchiinsa magaalotaa maal ta'uu qaba gaaffii jedhu gadi fageenyan ilaaluu fi murteessuu barbaachisa. Gama tokkoon, sarbamooni akkasumas namoonni adeemsicha keessatti hammataman iddoowwan kana kan jiran ta'uu isaa fi gama biraatin sarbamooni gurguddoon tokko tokko daangaa naannolee keessatti kan raawwataman ta'uu waan maluuf, naannoleen aangoo seeran kennameef qofa osoo hin taane haala waliigalaa adeemsi federaalaa ittiin bulu ilaalacha keessa galchuudhan gahee fi gumaacha naannolee bulchiinsa magaalotaa murteessun raawwii fi bu'aa qabeessummaa waliigalaa adeemsa haqa ce'umsaa kanaaf faayidaa qaba.

Adeemsa haqa ce'umsaa Itoophiyaa keessatti hojiirra oolchuf yaadamaa jiru keessatti hirmaannaa fi itti gaafatamummaan naannolee imaammataicha keessattis ta'ee seerota itti aananii bahan keessatti ifatti kaa'amuu qaba. Kun akkuma eegametti ta'ee, naannoleen adeemsa haqa ce'umsaa keessatti hirmaannaa ummataa hiika qabu mirkaneessuu, milkaa'ina adeemsichaaf gargaarsaa fi deeggarsa barbaachisaa ta'e kennuu, sarbamoota amala naannoo qaban adeemsicha keessatti hammachiisuu, sirnoota haqaa fi araaraa aadaa gumaacha isaan taasisan akeekun adeemsa haqa ce'umsaa keessatti akka hammataman taasisuu, bulchiinsota naannawaa, waldaalee siivikii fi dandeettiiwwan biroo qindeessuun adeemsa dhugaa fi araaraa irratti akka hirmaatan gochuuf itti gaafatamummaa qabu.

Walumaagalatti, adeemsi haqa ce'umsaa bu'aa qabeessa akka ta'uuf, naannoleen mootummaa federaalaa waliin wal dubbisuun hojiiwwan isaanii raawwachuu qabu. Kana milkeessuuf ijaarsi barbaachisu jiraachuu kan qabu yoo ta'u, akka muuxannoon biyyoota tokko tokko irraa argame mul'isutti sadarkaa naannootti qaamolee dhimmichi isaan ilaallatu irraa walitti fiduun koree yookan mana maree gorsaa adeemsa haqa ce'umsaa hundeessun faayidaa qabaachuu danda'a.

### **2.9.3. Gahee sirnoota haqaa aadaa**

Sirnoota haqaa aadaa yookan biyya keessaa kan jedhaman sirnoota sirna haqaa idilee irraa adda ta'an akkasumas kan biyya keessatti hojiirra oolani fi kan aadaa, amantii fi duudhaa bu'ureeffatan ta'ee murtee yookan haqa kennuuf hawaasichaan kan gabbifamanii fi hawaasichuma tajaajilan filannoowwan haqaa al-idilee ta'anidha. Sirnoontni kunneen sirna aadaa fi amantii dhugaa baasuuf taasifaman, sirna haqa kennuuf gareen faallaa lamaan itti walfalman, murteewwanii fi beenyaa bu'uura barsiisa fi yaada amantiitin kennaman, adeemsa garee faallaa yaadaa fi barsiisa amantiitin araarsan akkasumas taatewwan amantii walldhabdee hiikuf yookan darbee darbee walldhabdicha ittisuuf oolan of keessatti hammata.

Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti sirnoonni haqaa aadaa gahee olaanaa taphachuu danda'u. Adeemsota dhugaa barbaaduu, baraarsaa fi araaraa keessatti sirna haqaa ammayyaa isa aadaa waliin qindeessun muuxannoowwan milkaa'an jiru. Haa ta'u malee, adeemsonni aadaa tokko tokko mirgoota kabajuu, hirmaannaa dubartootaa mirkaneessuu, siyaasaa fi dhiibbawwan biroo irraa bilisa ta'uu dhabuu irratti rakkoo ni qabu. Biyyoota akka Itoophiyaa saboonnii fi amantiwwan hedduminaan jiran keessatti, adeemsota aadaa akka biyyaatti fudhatama qaban fi bakka hundatti hojiirra ooluu danda'an argachuun rakkisaa ta'uu danda'a. Kanaafu, adeemsota aadaa kanneen qorachuu fi adda baasudhaan qixa sirrii ta'een adeemsicha keessatti akka hojiirra oolan gochuun barbaachisaadha.

Adeemsi ce'umsaa Itoophiyaa keessatti hojiirra ooluf yaadame, filannoolee sirna aadaa jiraniif beekamtii kennuun akkasumas dhimmoota fi naannowwan isaan uwwisan adda baasun bakka gumaachuu danda'an hunda irratti akka hojiirra oolan gochuu qaba. Duudhaalee fi tooftaalee aadaa dhugaa barbaaduu fi araara buusuf oolan, filannoowwan dhaabbilee kennaman waliin dhugaa barbaaduf, ifa baasuf fi araara buusuf haala mirga namoomaa kabajuun itti fayyadamuun barbaachisaadha. Kunis dhiibbaa dhaabbilee adeemsicha irratti hirmaatanii hir'isuun adeemsa haqa ce'umsaa keessatti nageenyii waaraa, haqaa fi araara fiduun bu'aa qabeessa akka inni ta'u gumaacha taasisa.

## **Kutaa Sadi**

### **3. Qajeeltoowwan Adeemsi Haqa Ce'umsaa ittiin Qajeelfamuu fi Filannoowwan Jaarmiyaa Qindoominaa**

#### **3.1. Qajeeltoowwan Adeemsi Haqa Ce'umsaa ittiin Qajeelfamu**

Adeemsi haqa ce'umsaa biyya keenya keessatti yaadamaa jiru qajeeltoowwan armaan gadii akkaataa bu'ureeffateen kan bocamuu fi raawwatamu ta'uu qaba.

#### **Abbummaa biyyaa mirkaneessuu**

Adeemsi haqa ce'umsaa, bu'uurarraa, raawwii biyyi tokko ofiif ofii isheef hojjiirra oolchitudha. Adeemsichi kan geggeeffamuu qabu dhaabiilee fi lammiwwan isheetini. Kunis, qajeeltoo birmadummaa biyyaa eegudhaan kabajni biyyaa akka olka'u taasisa. Olaantummaa seeraa fi ijaarsa dhaabbilee itti fufaa ta'eef bu'uura kan kaa'udha.

#### **Haala naannoorratti kan xiyyeeffate**

Haalli bociinsaa fi raawwii adeemsa haqa ce'umsaa fedhii fi yaada hawaasni haqaa fi araaraaf qabu irraa kan maddee fi haala qabatamaa naannoo kan ilaalcha keessa galche ta'uu qaba. Dabalataanis, haala saaxilamaa dubartoonni, daa'immanii fi qaamoleen biroo keessa jiran akkasumas amala walitti bu'iinsichaa fi sarbamiinsa mirgootaa inni hordofsiise kan ilaalcha keessa galche ta'uu qaba.

#### **Hirmaannaa uummataa mirkaneessuu**

Gurmaa'insi dhaabbilee haqa ce'umsaa hojjiirra oolchuuf taasifamu kamiyyuu hirmaannaa ummataa fi seera qabeessummaa, bilisummaa adeemsa, walabummaa, gahumsa, hunda hammatummaa, bu'a qabeessummaa fi si'oomina hojii , qoodinsa qabeenya gahaa, iftoominaa fi gahaa ta'uu aangoo irratti kan hundaa'e ta'uu qaba.

#### **Hammatummaa**

Adeemsi haqa ce'umsaa boqonnaa hunda keessattuu qaamolee hunda walqixxummaa fi haqummaadhan hirmaachisuu qaba. Akkasumas, haala addaa fi fedhii kutaalee hawaasaa akka dubartoota, maanguddoota, qaama miidhamtootaa fi dargaggoota dhiibamanii fi saaxilamtoota ta'anii kan bu'ureeffate ta'uu qaba.

#### **Raawwii qindoome**

Dabalataanis, adeemsichi tooftaalee fi daandiiwwan haqa ce'umsaa garaa garaa qindeessudhaan bifa wal simateen raawwachiisuu fi bu'aa qabeessa kan taasisu ta'uu qaba. Tooftaa haqa ce'umsaa

tokko qofa fayyadamuun yookan tooftaalee adda addaa bifa qindoomina hin qabneen hojiirra oolchun milkaa'ina adeemsichaa gufachiisa. Dabalataanis, gaaffiiwwan fi gaabbii uumudhaan bu'aa caalaa miidhaa geessisa. Kanaafu, adeemsi haqa ce'umsaa milkaa'ina qabu biyya keenyatti akka jiraatu yoo barbaadame, tooftaan/karaan haqa ce'umsaa inni tokko isa kan biraa kan hanbisu/bakka bu'u kan hin taanee fi hundi isaanituu kan wal utuban akkasumas kan wal-siman ta'uu hubachuun walta'iinsaa fi wal deeggaruun akka raawwataman gochuun barbaachisaadha.

### **Duraa duubaa fi madaala meeshaalee haqa ce'umsaa eeguu**

Murtiin filannoowwan haqa ce'umsaa walitti qindeessuun hojiirra oolchuf murtaa'u gama tokkoon nagaa fi araara gama biraan ammoo kaayyoo itti gaafatamummaa waliin kan wal deeggaran ta'uu isaa mirkaneessuu fi guddina hirmaachisaa ta'e fiduuf kan kaayyeeffate ta'uu qaba.

### **Walabummaa**

Hojimaanni adeemsa haqa ce'umsaa fi hojiirra oolmaa isaarratti qaamolee hirmaatan gidduu wal amantaa uumu kan dandeessisu, kaayyoo fi qajeelfama irratti kan hundaa'e ta'uu qaba.

## **3.2. Filannoowwan Jaarmiyaa Qindoominaa**

Adeemsa haqa ce'umsaa Itoophiyaatti raawwatamuuf jiru irratti filannoolee armaan olii kamuu yoo hordofne, hojiiwwan jiran dhaabbilee tokkoo oliin raawwatamuun isaanii hin oolu. Komishinii haarawa hundeessudhaan adeemsa haqa ce'umsichaa raawwachuu kan jedhu kutaa lammaffaa jalatti irra deddeebidhaan ka'aa turee jira. Koomishinichi tooftaalee tokko tokko abbummaadhan kan geggeessuu fi dhaabbilee biroo kaan qindeessu ta'a. Moggaasni isaa Komishinii Haqaa fi Araaraa yookan Komishinii Araara fi Nagaa yookan Komishinii Dhugaa fi Haqa Barbaaduu yookan Komishinii Haqaa, Dhugaa fi Araaraa jedhamuu danda'a. Kunis Komishinii Araara fi Nagaa hundaa'ee ture irraa barnoota fudhachuun akkasumas muuxannoo idil-addunyaa tilmaama keessa galchuun, dhaabbata aangoo fi itti gaafatamummaa seeran kennamuuf bahachuu danda'u hundeessuu gaafata.

Komishinii haarawa hundeessuun fudhatama osoo argateellee, yoo xiqqaate himannaa seeraa hundeessuu fi sirna beenyaa geggeessuuf dhaabbileen biroo itti gaafatamummaa ni qabaatu. Kanaaf hojiin hojiiwwan kanneen qindeessuu fi gurmeessun waan hafu miti. Adeemsichi milkaa'aa fi guutuu akka ta'uuf, dhaabbilee adeemsicha keessatti gaheen irraa eegamu qindeessudhaaf akkaataa qindoominichaa dursanii tilmaamun barbaachisaadha. kanaafis,

imaammaticha abbummaadhan raawwachiisuuf akkasumas hordoffii barbaachisu gochuuf Boordii (Mana Maree) Qindeessaa Haqa Ce'umsaa Biyyaalessaa hundeessuun barbaachisaa ta'a.

Dabalataanis, ciminaa fi yaaddowwan filannoowwan dhaabbilee olitti eeraman lamaan walitti fiduun caarran ittiin ijaarsi/qindoominni adda ta'e uumamuu ni danda'a. Filannoon kun bifa armaan gadii qabaata.

### **Boordii (Mana Maree) Haqa Ce'umsaa Biyyaalessaa hundeessuu**

Dhabbatichi imaammata haqa ce'umsaa abbummaan raawwachiisuu fi imaammaticha bu'uura godhachuudhan dhaabbileen hojii isaanii sirnaan raawwachuu fi dhiisuu isaanii mirkaneessuuf itti gaafatamummaa qaba. Akkuma barbaachisumma isaatti ijaarsi wal fakkaatan sadarkaa naannoleettis hundaa'uu danda'u.

Miseensonni isaatis imaammaticha irratti hojiilee caqafaman hojjechuuf, too'achuuf yookan tumsuuf dhaabbilee itti gaafatamummaa qaban keessa kan bakka buufaman akkasumas karaa bilisaa fi hirmaachisaa ta'een jaarmiyaalee aadaa fi hawaasaa keessaa kan filataman ta'u. Bal'inni dhimmichaa seeran kan murtaa'u ta'ullee, dhaabbilee haaraa hundaa'an dabalatee miseensonni boordiichaa dhaabbillee kanneen akka Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataa, Manneen Murtii Federaalaa, Ministeera Haqaa, Poolisii Federaalaa, Komishinii Mirgoota Namoomaa Itoophiyaa, Komishinii Marii Biyyoolessaa, sirnoota aadaa, namoota bebbeekkamoo fi jaarsolii biyyaa keessaa bakka buufamuu danda'u.

Miseensota hawaasicha keessaa bakka buufaman ilaalchisee, adeemsa bilisaa fi walabaa miseensota filachuuf Komishiniin haarofti osoo hundaa'ee jiraachuu malu hordofuun filatamuu qabu.

Itti gaafatamummaan geggeessaa fi barreessan koomishinichaa miseensota kanaan kan qabamu ta'a. Miseensonni Boordichaa hunduu amanamoo fi amala/eenyummaa gaarii kan qabanii fi hawaasicha biratti akka nama adeemsa haqa ce'umsaa abbummaan hogganuutti kan ilaalaman ta'uu qabu.

### **Barreessaa Boordii Qindeessaa Haqa Ce'umsaa Biyyaalessaa**

Boordin qindeessituu kun adeemsa haqa ce'umsaa kana keessatti hojiilee kallatiidhan dhaabbileen hin raawwatamne kan ittiin raawwatu akkasumas dirqama qindeessummaa isaa kan ittiin bahatu Waajjira barreessaa ogeessotaan guutame ni qabaata. Komishinii haarofti kan hundaa'u yoo ta'e, barreessan kun achi jalatti kan hundeeffamu ta'a. Yoo kun hin taane ammoo, akka muuxannoo

biyyoota biroo irraa argametti, hojiiwwan Komishinichaaf kennaman kan akka dhugaa baasuu, baraarsaa, adeemsa araaraa fi beenyaa irratti waajirri barreessaa kun qajeelfamoota baasa, akka barbaabachisummaa isaattis ni raawwata, hojiiwwan jiran dhaabbilee biroon xiyyeeffannoo argatanii akka hojjetaman taasisuuf humna ta'a.

#### **4. Guduunfaa**

Hawaasni ce'umsa keessa jiru waraana, walitti bu'iinsa waliini fi hacuuccaa sirna abbaa irree jalaa bahuudhaf haqa ce'umsaa akka fayyadamu/hojiirra oolchu asiin olitti ilaalameera. Yaadrimeen, hojiirra oolmaa fi tooftaaleen haqa ce'umsaa yeroodhaa yerootti dagaagaa kan dhufan waan ta'aniif, yeroo dhihoo kanatti imaammanni haqa ce'umaa hojiirra oolu tooftaalee fi hojiirra oolmaa haqa ce'umaa armaan duraa irraa muuxannoo fudhachuun bu'aa qabeessa ta'aa dhufeera.

Itoophiyaan akka biyya ce'umsa keessa jirtu tokkootti, haqa ce'umsaa akka dirqamaatti hojiirra oolchuu akka qabdu dhimmoonni agarsiisan hedduutu jiru. Keessaayyuu, adeemsa haqa ce'umsaa haala naannoo giddu galeeffate raawwachuun barbaachisaa ta'uu isaa agarsiisa. Haqni ce'umsaa milkaa'e ijaarsa biyyaa itti fufaa ta'eef qooda olaanaa qaba. Adeemsi haqa ce'umaa milkaa'e osoo hin raawwatamin nageenya waaraa fiduu fi ce'umsa dimookiraasii mirkaneessun hin danda'amu. Dabalataanis, adeemsa haqa ce'umsichaa hojiirra oolchun kabajamuu mirgoota namoomaa fi olaantummaa seeraatiif bu'ura kaa'un isaa akka sababaatti kaasun ni danda'ama.

Tooftaaleen haqa ce'umsaa amma dura hojiirra oolan araara fi waliigaltee biyyoolessaa irratti kan hin xiyyeeffanne waan ta'aniif bu'aa qabeessa osoo hin ta'in hafaniiru. Muuxannoowwan turan kanneen irraa barachuun raawwii haqa ce'umsaa bu'aa qabeessa ta'e fiduuf kallattii sirrii ta'e imaammataan kaa'uu fi hojiirra oolchun baay'ee barbaachisaadha. Kanaafis, muuxannoo idil-addnuyaa funaanun akkasumas filannoowwan imaammataa haala qabatamaa biyya keenyaa waliin madaalun qopheessuun, hawaasni akkasumas qooda fudhattootni irratti mari'achuun akka mirkanaa'u gochuudhan seera barbaachisu tumuun gara raawwii isaatti galuun barbaachisaadha.

